# Hojii Ogummaa Harkaa Guddaa

Jeffersonville, Indiana, USA

64-0705

1 Amma kadhannaadhaaf mataa keenya gadi haa qabannu. Mataa fi garaan keenya Waaqayyo duratti osoo gadi jedhee jiruu, mee nama meeqatu Waaqayyo akka isa yaadatuu barbaada, namoonni gaaffii Waaqayyo biraa qabdan harka keessan yoo ol baaftan, harka keessan ol baasuu dandeessuu? Amma, gaaffii keessan amma yeroo kadhannu kanatti garaa keessan keessatti qabadhaa.

2 Gooftaa Yesus, Ati burqaa dha, ati yaa burqaa jireenyaa hin dhumnee, har'a nu keessa yaa'i, yaa Gooftaa amanuu diduu fi cubbuu keenya hundumaa irraa nu qulqulleessi, wanti nu barbaachisu akka jiru beeknee amma fuula kee dura dhaabannee jirra... .Nuti cubbamoota ta'uu keenyaa fi eebba kamiifuu akka hin malle ni beekna. Garuu yommuu isa dhufee cubbuu keenya fudhate yaadnutti, yeroo dhiigni isaa achi jirutti, fuula Waaqayyoo dura nutu jira osoo hin taane, isadha—sagalee keenya karaa dhiiga isaa dhageessifama; dhiiga isaatu dubbachaa jira. Yaa Waaqayyo egaa garaa keenya cubbuu fi amantii dhabuu irraa qulqulleessi.

Fedhii garaa keenyaa nuuf guuti, dhuguma si tajaajiluuf fedhiiwwan kanneen qabna. Haala dadhabbii, gidiraa fi wantoota biyya lafaa fiixaan akka baanuuf yeroo ta'e tokko nurra kaa'aman kana keessatti.... Akkas jedhamee nutti himameera, "Qorumsi kun yommuu isin irra bu'u wanti takkaa ta'ee hin beekne waan isin irra bu'e fakkaatee, isin hin dinqisiifachiisin"jedhameera. Isaan gaarummaa keenyaaf, fiixaan ba'iinsa keenyaa fi bakka sanatti nu fiduuf qofa hojjechaa kan jiranidha. Gammoojjii muuxannoo gurguddoo kanaaf, bakka namoonni qajeelonni qulqulloota ta'uuf itti bocaman kanaaf, muuxannoowwan kanaaf Si galateeffanna Gooftaa. Nuti si ajajuu keenya miti—ogummaa kamiinuu waan fedha keetiin faallaa ta'e hojjechuu hin barbaannu; garuu kana keessatti akka sitti dhihaannuu yaa Abbaa si kadhanna.

Yeroo ba'aan baay'ee nutti ulfaatutti kana caalaa deemuu hin dandeenyu, yommus harka keenya ol kaafnee Abbaa keenyatti iyyina. Kanaaf waaqa irraa nuuf dhaga'i yaa Gooftaa. Nu fayyisi. Mootummaa Waaqayyoof jettee nu fayyisi.

Ganama kana Dubbii kee eebbisi yaa Gooftaa. Dubbiin kee dhugaadha.

3 Amma as waldaa keessattis walitti qabamneerra. Obboleessa Neeviiliif, Obboleessa Kaapisiif, Obboleessa Kooliinsiif, tajaajiltoota hafan hundumaaf, warra imaanaa baataniif (trustees), diyaaqonootaaf, amantootaa hundaa fi keessuummoota karra keenya keessa jiraniif si kadhanna. Guyyaan kun asitti argamuu keessan yeroo dheeraaf kan itti yaadannu nuuf haa ta'u.

Ganama kana asitti si simachuuf qophii guddaa keessa jirra Gooftaa. Waamicha yeroo gabaabduutti godhameen walitti qabamneerra. Innis kaayyoo ta'e tokkoof akka ta'e nutti dhaga'ama. Kaayyoon kee galma haa ga'u yaa Gooftaa. Akkuma of kenninee jirrutti maqaa Yesuusiin si kadhanna. Ameen.

4 Asitti argamuun keenya, waldaa namootaan guutamte kana keessatti walitti qabamuun waan guddaadha. Ani akkas ta'a jedhee hin eegnen ture—ganama kana namni asitti ni argama jedhee hin yaadnen ture, sababiin isaas akkan as dhufuuf jiru hin beekun ture.

Reefu Filadelfiyaa irraa dhufne. Kanaaf ani dafee gara Arizoonaa deemuun qaba jedhee yaadaan ol seene—hiriyyaa koo tokkoof tajaajila awwaalchaa gochuufan deemuuf ture, innis Kaapteen Jim Moseley jedhama, mucaa baay'ee gatii guddaa qabu, Waaqayyoon kan sodaatu ,inni dhi'eenya kana obbolaa Moseley sadan warran gara Kristoositti fide keessaa tokko ture. Isaan keessaa tokko immoo kufee ture ... inni xiyyaara irraa kufee battalumatti du'e. Inni utuu namni isa bira hin ga'in Sa'aatii kudhaniif ibidda keessa ciisee ture. Kanaafuu dhiisee ... umuriin isaa waggaa digdamii saddeet, haati manaa isaa waggaa digdamii ja'a, ijoollee xixiqqoo sadii dhiisee deeme—inni angafaa reefuu waggaa torba. Baayyee nama gaddisiisa. Isaanis ... yeroo isa argatanitti, guyyaa itti aanutti awwaaluu qabu turan. Kanaaf ani—anideemuu hin dandeenye. Anis ergaa barreesseefiin ture-ykn waanan jechuuf jiru, ykn waanan silaa sirna awwaalcha Obboleessa Moseley irratti dubbadhu telegiraamiidhaan ergeera. Wantoota kana keessaa muraasni kan nuti hubachuu hin dandeenye dha, garuu wanti hundinuu sirritti akka hojjetu Inni ni taasisa.

5 Nuti ganama kana tajaajila Gooftaatiif as jirra, Waaqayyoon akka amannu in beekna, akka inni waan hundumaa guutummaatti sirreessuuf amanuu keenya in beekna. Maal akka ta'ee fi akkamitti akka hojjetu osoo hin ilaalin, gaarummaaf hojjechuu akka qabu ni beekna. Inni sana kakuu gale. Akkas ta'uu qofa qaba. Yeroo tokko tokko sana hubachuu hin dandeenyu, yeroo tokko tokko baay'ee walxaxaa ta'a, garuu ammas dhugaa ta'uu isaa ni beekna, sababni isaas Macaafni Qulqulluun inni dhugaa dha jedha. Macaafni Qulqulluun immoo nuuf Waaqayyo bifa qubeetiin ykn barreeffamaatiin taa'e dha.

Amma, amantii keenya bakka tokko kaa'uu qabna. Anis —jireenya keessatti namni kamiyyuu jireenya keessatti milkaa'uu fi yeroo baay'ee miliiniyeera ta'uuf yaalleerra.... Garuu sanaan maal gochuuf deemna? Dhuma irratti gara karaatti gadi bu'uu arganna, sana booda hoo maal nu fayyada? Argitanii? Maallaqnis bifa barreeffamaa ti, waa ittiin jijjiirrachuuf fayyada; garuu jireenya ittiin jijjiirrachuu hin dandeessan. Jireenya kan qabu Waaqayyo duwwaa dha.

6 Kanaafuu nuyi bifa negaatiivii ta'een as akka jirru hubanna. Akkasumas hanga wanti negaatiivii jirutti wanti pozatiiviin jiraachuu qaba. Pozaatiivii malee negaatiiviin jiraachuu hin danda'u, ilaalaa, sababni isaas sababa pozaatiiviitiin wanti negaatiivii ta'a waan ta'eef. Akkuma suuraa negaatiivii wanta tokkoo kaaftanii of harkaa qabdanii ti. Wanti ifti rukutu iddoo ta'e tokko jiraachuu qaba ... ifni leensii sana rukutuu dhaabaannaan negaatiiviin hin jiraatu ture. Kanaafuu jireenyi keenya asitti negaatiivii keessa akka jiru yeroo arginee fi fakkaattii jireenya wayii kan bakka wayii jiru tokkoo akka akka taane beeknutti, sana booda pozaatiiviin ifni itti bu'ee as lafa irratti calaqqisu taasise tokko bakka wayii akka jiru in beekna. Nuti immoo calaqqisiisa sana qofadha. Wanti dhugaan bakka ta'e tokko jira. Yoo akkas ta'uu baate, ani nama addunyaa kanarraa gowwoomfame keessaa isa hamaa dha; jireenya koos akkasumaan dabarseera jechuu dha. Garuu akk inni jiru gaaddidduu shakkii bira darbee nan beeka! Argitanii? Sababiin nuyi as jirruuf kanaafi.

7 Namoota yaadachiisa yeroo gabaabduutiin guutummaa biyyattii keessaa dhuftan yeroon argu, yeroo tokko tokkos nan tilmaama, sana booda yeroon walga'ii akkanaa keessa dhufu, namoonni as jiran kiiloo meetira dhibbaan lakkaa'aman akka deemanii dhufan yeroon yaadu natti dhaga'ama, dhugaa xiqqoo natti dhaga'ama, isaan tajaajila daqiiqaa muraasaaf jedhanii yeroo asitti argaman natti dhaga'ama.

Dubartiin tokko gaaf tokko dhuftee tokko yaada akkas jedhu dubbatte, "Namichi eessaan akka deeme natti agarsiisaa, isa duubaan lafa inni ejjete faana isaa irran nan deemaahaa, yoos nan fayyaa" jette. Amma, egaa namoonni akkasitti isin amanu, isin immoo bakka bu'aa Kiristoos taataniittu, egaa maal gochuu qabna ree? Of eeggannoo guddaa gochuu qabna, sababiin isaas isin dogoggoraan of balleessitu qofa osoo hin taane namoota isin hordofanis balleessaa jirtu waan ta'eef.

Kanaafuu ani waldaa amantii ykn kan biraan bakkan itti isin geessu hin beeku. Wanti ani amantii koo irratti qabu tokko qofa, innis yoo na amantan waanan isinitti himu duukaa bu'aa, sababiin isaas ani Macaafa Qulqulluun amana, innis Dubbii Waaqayyooti. Wantoonni biroon ni kufu. Inni jireenya. Inni Sagalicha.

8 Amma, isin ... yeroon as dhufu yeroo dheeraa akkan isin tursu nan beeka. Har'a as dhufuu akkan barbaadu yeroo natti dhaga'ametti Waaqayyoon nan kadhadhe ... Afgaaffii, bilbilaa fi kkf baay'een na quunnamee ture; Ganama kanas muraasa isaanii wajjin wal arguun narra ture. Anis, "Eeyyee, Obboleessi keenya Neeviil akkan dubbadhu na gaafachuun isaa nama hin shakkisiisu"n jedhe. Sun Jimaata ture. Anis, "Obboleessi keenya Neeviil akkan dubbadhu na gaafachuun isaa hin oolu. Yommuun kana yaadettis Waaqayyoon nan kadhadhe ... akka malee ho'eera, akka malee ho'eera jedheen kadhadhe. Akkasumas rooba nuuf ergee ho'a garmalee kana qabbaneessee ganama kana ganama gaarii akka nuuf godhuuf ture. Gaarummaan isaa tokkoon tokkoon keessaniif waan ganama kana as jiraachuu keessan ittiin yaadattan hunda keessaniif akka roobsu nan kadhadha. Ayyaanni fi eebbi isaa isin irra haa jiraatu.

9 Halkan edaa hiriyyaa koo dhukkubsate tokko dubbisuufan deeme, innis Obboleessa keenya Biil Daach dha. Ganama kana asitti isa argaa hin jiru. Hamma ta'e ani.... Oo, inni kunoo as jira. Eeyyee. Ani immoo akkas jedheen yaadaa ture: "Jaarsa waggaa sagaltamii tokkoo ta'ee amma iyyuu biyyattii keessa, gammoojjii keessa, fi gaarreen qorraan marfame, daandii qaqalloo irra akka obomboleettii bubbisa. Akkas gochuun isa hin barbaachisu ture. Waaqayyo gaarii isaaf ta'eera; akkas gochuun isa irraa hin eegamu ture. Yoo barbaade mana taa'ee hojjettoonni akka isa kunuunsan gochuu danda'a ture." Garuu Biil Daach irratti wanta tokkotu ta'e; innis lammaffaa dhalachuu isaa ti. Yeroo kun ta'etti, wanti tokko garaa isaa keessa dhufe, inni tajaajilawwan kanneen irratti argamuu jiruu isaa tokkicha godhate. Achiis, an afaan Waaqayyoo yoon ta'e, hiriyyaa koo nan gowwoomsaa? Kanaa manna du'uu naaf wayya. Yoos ergaa dhugaan Macaafa Qulqulluu kana keessaa maal akka ta'e sirriitti isatti nana hima. Innis Dubbii Waaqayyooti. An waan Inni jedhe qofan irra deebi'ee jedha.

Amma, Macaafa Qulqulluu keessaa waa muraasa dubbisuun barbaada.

10 Osoo hin dubbisin dura kana jechuun barabaada, halkan kun halkan Irbaata Qulqulluu ta'uu isaa nan amana. Akkasumas isin warri jireenyi keessan as ta'e (dhugaadha namoonni kaan gara mana isaaniitti deebi'uu hin oolan, sababiin isaas gara hojii isaaniitti deebi'uu qabu waan ta'eef)—isin warri naannoo kana jiraattan as walga'ii keessa jirtan, yaadadhaa, obboloonni galgala kana Irbaata Quqlqulluu isiniif ni kennu.

11 Amma, waamicha dhumaa Afrikaa eegaan jira. Mishiinarii ta'ee akkan seenuuf naaf hin hayyaman. Kanaafuu karaan ani seenuu danda'u tokkichi, gadi.... Keeniyaa, Yugaandaa fi Tanganyikaa deemuufan jira. Karaan ani ittiin seenuu danda'u tokkichi immoo ... tokkoffaa, waldoonni ana hin simatan, sababni isaas ani waan akka kanaa fi waan akka sanaa Afrikaatti gadi bu'ee akkan lallabu barbaadu. Ani immoo akkasitti hin seenu. Ani utuun akkas gochee fakkeessituu (hypocrite) na godha ture. Kanaaf yookaan, "Lakki gooftaa, waan Waaqayyo garaa koo keessa kaa'e qofa nan lallaba, kanuma qofa" jedheen itti hima. Argitanii? Akkasumas waan isaan akkan barsiisu na gochuuf yaalan akka hin taane mirkanaa'adha. Kanaaf ... waan akka cuuphaa sadan tokkummaa fi kkf, isaanii wajjin qoosuun hin jiru. Lakki!

12 Garuu karaa obboleessa keenya Boozeetiin walga'ii guddaa tokkotti afeerameen jira, inni waan nuti amannu, ifa guyyaa kanaa hamma tokko arguuf qarqara irra jira. Kanaaf akka nama waa adamsuuf

deemutti akkan seenuu qabu gaafadheera. Yoo na seensisan, akka adamsisituttan seena.... Yoon nama adamoo na geessu argachuu danda'e jechuu dha, sana booda yeroon achi seenu, doktorri achi imbaasii jiru hiriyyaa koo kan Chikaagoo irraa deeme dha—akkuman achi seeneen inni, "Ba'eessa, kunoo Obboleessi keenya Biraanhaam as jira. Walga'ii haa qabaannu. Kanaaf erga ani achi ga'ee booda imbaasiin na diduu hin danda'u. Yoo isaan.... Kanaaf amma dhimma kana irratti hojjechuuf yaalaa jiru. Kanaaf sana nan amana.... Yoo fedha Waaqayyoo ta'e akkasitti ni hojjeta, ilaalaa. Dabarsinee Isatti kennineerra. Yoo ta'uu dhaabaate immoo, sana booda isin nan beeksisa.

Kanan barbaadu....

13 Egaa fedha Waaqayyoo yoo ta'e, sana waa'ee Malakata Torbanii irratti dubbachuun barbaada. Sunis gara tajaajila guyyaa saddeetii fudhata. Nuti immoo as godoo qulqullaa'aa keesstti hin goonu; tarii naanoodhuma kanaa galma argachuuf yaalla.

Amma, galmi haaraan kun asitti ijaaramuu isaa an tasumaa yaadee hin beeku. Innis sirriitti bakka ani yeroo jalqabaaf Yesusiin mul'ataan itti argedha—galmichi bakkuma sana irratti ijaaramee jira. Guyyaa tokko Isa arguuf achi dhaqeen ture, yeroon gara ba'a biiftuutti gara galee ilaalu Isa nan arge (waa'ee kanaa yeroon himaa ture dhaga'uu keessan ni yaadattu), yeroo sana an mucaa xiqqaadha, lallaabaa ijoollee ta'een abbaa kootiif kadhachuuf bakka sana dhaqe. Bakka ani Isa itti arge achi, utuu adeemuun Isa arge. Inni fuula isaa achi narraa qabee ture , ani qoonqoo koo qulqulleessaan dirree kusaayeen itti baay'atu sana keessa deemsa koo itti fufe. Ani Isa ilaaluu ittuman fufe, Innis gonkumaa garagalee ana ilaalu ture. Yesuus jedheen Maqaa Isaa waame, Innis garagalee harka Isaa natti diriirse. Hanga guyyaa saafaatti kana qofan yaadadha. Kanaaf dirree keessaa ba'een gara ifni guyyaa irraa dhufutti of duuba deebi'e. Kanaafuu tarii Gooftaan Malakata sana achitti akkan lallabuuf naaf hayyama ta'a. Bakka kam iyyuu haa ta'u, bakka fedha Waaqayyoo haa ta'u.

14 Amma Macaafa Qulqulluu keessan keessaa Isaayaas boqonnaa 53ffaa baafadhaa. Amma, Waaqayyo ganama kana walitti qabamuu keenyaaf carraaqii dadhabbii keenyaa akka eebbisu ni amanna. Reefuu kana gara Filadelfiyaa, bakka ani walga'ii 'Full Gospel Businessmen' irratti argameen achi irraa asitti gadi buune. Akkasumas dhugaa ba'umsa adda addaa isaan qaban dhaggeeffannee....

Achiis ani.... Karaa sana utuu gadi bu'aa jirruu ani ... Biilii Pool, ana, Ribqaa, fi mucaa durbaa Kooliins, Beetii Kooliins taanee.... Biiliin immoo baay'ee rafuu jaallata, isarra Beekii wayya ture. Kanaaf ani ... Beetii fi ani haasa'aa dhufne. Beekiin teessoo duubaa irra taa'aa turte. Karaa irrattis wanti tokko utuu ta'uun arge. Yeroon ilaaluttis wanti tokko natti bu'e. Beetii, isheen yoo as jiraatte, akkan haasa'uu addaan kutee waa barreessuu eegale ni yaadatti. Barreeffama ganama kanaaf ta'u achi irraan argadhe.

15 Amma, yoo... Amma, ulfina Sagalee Waaqayyootiif jennee ol kaanee haa dhaabbannu, Isaayaas boqonnaa 53ffaa akkuma jirutti nan dubbisa:

Isa nuyi dhageenyee himne eenyutu amane? Irreen Waaqayyoos eenyutti mul'ate? (Inni gaaffiidhaan jalqabe, hubadhaa.)

Inni akka biqiltuu mukaatti goofticha duratti ol in ba'a, akka hidda mukaa isa lafa gogaa keessaa ba'uus in ta'a; simboodhaa fi surraa waan hin qabneef, nuyi isa ilaaluu hin jaallanne; miidhagummaa waan hin qabneefis nu hin mararre;

namoonni isa tuffatanii isa irraa in goran, inni nama dhiphinnii fi muddamni itti baay'ate ture; inni akka nama tuffatanii, achi ilaalanii bira darbanii in ta'e; nuyis homaatti iyyuu isa hin lakkoofne.

Inni garuu dhugumaan dhiphina keenya of irra in kaa'e, muddama keenyas in baate; nuyi garuu akka waan Waaqayyo dha'icha isatti fidee, akka waan inni isa rukutee gad isa deebisettis in lakkoofne.

Inni garuu balleessaa keenyaaf in waraaname, sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni in adabame, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf in argame;

nuyi hundumti keenya akka hoolotaa karaa irraa badnee turre, adduma addaanis kara-karaa in gorre; Waaqayyo garuu yakka hunduma keenyaa isa irra in kaa'e.

Isa in cunqursan, in dhiphisanis, inni garuu waan tokko iyyuu hin dubbanne; akkuma ilmoo hoolaa ishee qalamuudhaaf geeffamtuutti in oofame, akkuma hoolaan yommuu rifeensa irraa muran cal jettuus, inni calluma jedhe malee, afaan isaa hin saaqqanne.

Cunqursaadhaan itti faradamee in ajjeefame; hidda dhaloota isaatii eenyutu hima ree? Biyya warra jiraataa keessaa in balleeffame, balleessaa saba kootiitiin hamma du'aatti in adabame;

inni jal'ina tokko illee hin hojjenne, gowwoomsaanis afaan isaa keessaa hin baane; awwaalli isaa warra jal'oota gidduutti yaadamee ture, inni garuu warra sooressoota gidduutti in awwaalame.

Waaqayyo, "Isa ani dhiphise sana caccabsuun jaalala koo in ta'e; inni lubbuu isaa aarsaa sababii

yakkaatiif dhi'aatu godhee yoo dhi'eesse, sanyii isaa arguuf jira; jabanni isaas in dheerataaf; jaalalli koos karaa isaa in raawwatama;

dhiphina cimaa dhiphatee erga du'ee booddee deebi'ee jiraataa ta'ee garaa in ciibsata; garbichi koo inni qajeelaan beekumsa isaatiin namoota baay'eedhaaf in farada, yakka isaaniis isaaniif in baata;

inni cubbuu namoota baay'ee baatee, waa'ee cubbuu isaaniitiifis isaaniif in kadhate; lubbuu isaa du'atti dabarsee kennee, warra balleessaa qabanii wajjinis waan lakkaa'ameef, ani qooda isaa warra gurguddootaa wajjin nan godhaaf, warra jajjaboo wajjinis boojuu in hirmaata" jedhe.

16 Yaa Waaqayyo Abbaa, Dubbiin kee ibsaa dha, ifa isa karaa amantoota hundumaa gara fuula Waaqayyoo duraatti ibsuu ti, Inni akkuma faanosii harka keenya keessatti baannuutti nu baata. Jalqabarraa kaasnee dhuma arguu akka dandeenyutti ga'aa gootee hin kennine ... garuu ani amantiidhaan nan deema. Garuu akkuma namni tokko halkan bosona dukkanaa'aa keessa deemu (bakka nuti jirru immoo achi), ifni inni harkaa qabu tarkaanfii tarkaanfiin nuuf kenna. Garuu karaan sun gara oliitti kan geessu ta'us ifa sanaa wajjin qofa deema.Tarkaanfii tokko gara mootummaa Waaqayyootti akka nu tarkaanfachiisuuf ifichi har'a Dubbii Kee irratti haa ifu. Maqaa Yesusiin waan kadhannuufi. Ameen. Taa'aa.

17 Mata dureen har'a waldaatti dubbachuu natti dhaga'ame "Hojii Ogummaa Harkaa" kan jedhu dha. Dubbisa Caaffata Qulqullaa'oo akkasitti fudhachuun baay'ee keessummaa fakkaachuu danda'a kan ...Macaafa Qulqulluu keessaa bifa fakkeenya nama eenyuun caalaatti reebamee caccabsamee ajjeefamee tokko bocanii agarsiisuun, akka Macaafni Qulqulluun garbichi mudaa hin qabne kun in dhiphate, reebamee caccabsame, in waraaname jedhutti ammas barreeffama sana irraa mataduree Ogummaa Harkaa (Masterpiece) jedhu fudhachuun. Baayyee keessummaa namatti ta'a.

Ani garuu... sammuun koo ganama kana yeroo as deebi'uuf deemaa jirru yaadaan waggoota muraasa dura duubatti na deebise. Kaalifoorniyaa Los Angeles olitti kan argamu gara Forest Lawunitti affeeramееn ture. Kaayyoon koo inni jalqabaa achitti ol ba'uu iddoo awwaala hundeessituu sosochii 'Foursquare' kan taate Aimee Semple McPherson daawwachuuf ture. Anis gara iddoo awwaala ishee nan dhaqe. Akkasumas akka tajaajilaa tokkootti dubartii sanaa wajjin garaagarummaa qabaadhus, garuu garaa koo keessatti waan isheen sa'aatii sanaaf irra dhaabbatte, ari'atamaa fi wantoota yeroo isheen as lafa kana irra yeroo jirtutti keessa darbiteef dinqisiifannaa fi kabajan isheedhaaf qaba. Akkasumas ilma ishee jaallatamaa, kan hiriyyaa garaa kootii ta'e, Roolf Makfarsaniifis kabajaa fi dinqisiifannaan qaba.

18 Gareen tajaajiltootaa tokko taanee achitti ol baane. Isaanis—bakka itti isaan reeffa isaanii guban, bakka itti isaan reeffa isaanii saanduqa xixiqqoo keessa kaa'anii keenyan sana cinatti guban sana keessa seennee ilaaluuf yerootu nu hanqatee ture.

Achi keessas wantoota dagatamuu hin dandeenye tokko tokko kan akka Irbaata Isa Dhumaafaatu qabu turan. Akkasumas ifa aduu isa qabatamaatiin ibsama. Isaanis balabal sigigaataa (shutter) inni isaaniif kennu qabu.... Yeroo isaan ol seenan ni ifa; achiis akkuma isaan dubbachuu jalqabaniin ni dukkanaa'a. Yeroo muraasa booda immoo hunduu guutummaatti dukkanaa'a. Sana booda namoonni achi keessaa ni ba'u.

Isaan Irbaata hundumaa qabu....

19 Dubartiin tokko iccitii akkamitti bircuqqoo (glass) kana gara iddoo kanaatti akka rukutamuu qabdutu turte, maaliif fakkiiwwan kana tolchuun akka barbaachise ni beekti, sababiin isaa, karaa maatii ishee waggoota hedduun dura dhufe dhaalte. Hojiin Aartii sun ijoollee isaaniif kan kenname yoo ta'u, kan dhumaa immoo dubartiidhaaf kennamee ture. Isaan egaa suuraa kana sisirreessaa turan. Isaanis yommuu achi dhaqanaii fakkaattii Yihudaa nama biyya Keeriyoot bocuudhaaf birciqqoo gubanii, affeelanii yommuu sisirreessanitti, inni ni dho'e. Kanaaf sana booda, ammas ni yaalan. Ammas ni caccabe. Isheenis, "Tarii Gooftaan keenya fakkaattii diina isaa cinaa isaatti hin barbaadu ta'a" jette. Akkasumas, "Yoo deebi'ee ammas dho'e fakkaattii kana hin xumurru" jedhan. Garuu yeroo sana ni qabate. Sana booda.... Dhugaadha sun waan nama dinqu ture, akkamitti wantootni akkasii akka ta'an kan nama dinqu ture.

20 Garuu yeroo sanatti wantoota gurguddoo Forest Lawn keessatti na hawwatan keessaa tokko kan Mikaa'elangeloo ti, innis siidaa guddaa, siidaa Musee ture. Inni fakkeeffamee kan hojjetamedha, ykn wanta dhugaa miti. Innis isa jalqabaa miti. Garuu hojii guddaa akkasii ture. Akkasumas osoon dhaabadhee ilaaluu wanti tokko natti tole, wanta waan tokko bakka bu'u fakkaatu, waan ta'e tokkon argadhe.

Aartii akka gaariitti nan jaalladha. Waaqayyo aartii keessa jira jedheen amana. Waaqayyo muuziqaa keessa akka jiru nan amana. Waaqayyo uumama keessa akka jiru nan amana. Waaqayyoo bakka hundatti argama. Wanti isa jalqabaa wajjin faallaa ta'e immoo jal'ina. Waaqayyo shubbisa keessa jira, gosa shubbisaa isa isin asitti shubbistan miti, garuu yeroo ilmaan fi ijoolleen durbaa Waaqayyoo hafuura Waaqayyoo keessa seenan, argitanii, shubbisi sana dha. Garuu akkuma ani ganama kana hanga sa'aatii lamaatti achi ol daandii irratti wal'aansoo qabuun narra ture, sun jal'ina isaati.

21 Garuu hojiin guddaan Mikaa'elaanjeloo hojjete kun, sana hojjechuuf waan tokko isa baasise. Innis ...

inni nama guddaa ture. Akkasumas bara jireenya isaa keessaa gara caalu isa hojjechuu irrattu fixe, sababiin isaas inni waggoota hedduu, hedduu keessatti isa bocaa ture ... dhagaa marbilii tokko qofa fudhatee isa bocuu itti fufe. Akkasumas argyyf ... namicha, boca fakkii nama tokkoo kan sammuu isaa keessaa qabuu hojjetee baasuuf yaalaa ture; innis nama kana galmaan ga'ate dha. Tarii isin achitti ol baatanii, "Maaliif dhagaa kana soofta?" ittiin jechuu dandeessu ta'a. Nama alaa kan waan garaa isaa keessa jiru hin beekneef hojiin isaa sun waanuma waa'ee hin baafne dha. Garuu namichaaf, namicha ofii isaatii fakkaattii sana bocaa jiruuf, inni sammuu isaa keessaa mul'ata qaba,wanti inni hojjechuuf yaalaa jiru waan sammuu isaa keessaa qabu bifa siidaatiin hojjechuuf yaalaa jira. Sababiin inni dhagaa qotee baaseeefis kanumaafi.

22 Kana gochuuf immoo jalqaba irraa jalqabuu qabda, akkasumas fakkaattii isaa hordofuu qabda. Argitanii? Waan xiqqoo irraa jalqabuu hin dandeessan: "Akkasitti hojjenna. Lakkii nan amana...." Lakki, inni bifa fakkaattii sirrii ta'e qabaachuu qaba. Inni sammuu isaa keessaa fakkaattii sana qaba. Akkasumas wanti bocamu fakkaattii inni sammuu isaa keessaa qabu irraa adda ta'uu hin danda'u. Amma, kana gochuuf sammuu isaa keessatti suura isaa kaasuu qaba ture, sababiin isaas fakkii Musee isa dhugaa hin qabnu waan ta'eef—garuu fakkii sammuu (mental picture) sammuu isaa keessatti sirriitti Museen maal akka ta'e ibsu argachuu qaba ture.

23 Amma, ogeessi bobbocaa dhugaan akkuma waloo (poet) dhugaa yookaan akkuma weellisaa dhugaa, muuziqeessaa dhugaa, yookiin akkuma ogeessa waanuma fedhee kamiiyyuu kaka'umsa hafuuraa qaba. Wanti dhugaa hundi kaka'umsaan dhufuu qaba. Mikaa'elaanjeloon Museen dhuguma maal akka fakkaatu kaka'umsa hafuuraatiin kan argate ta'uu qaba, Museen maal ta'uu akka qabus inni sammuu isaa keessatti qabateera. Kanaaf, hamma fakkii dhugaan inni sammuu isaa keessatti qabu maal ta'uu akka qabu bira ga'utti, marbilii guddaa kana bocee gara fakkii sanaatti gadi fiduuf, gadi fooyyessuuf kutatee ka'e.

24 Achiis hundumti isaa akkasitti mudaa kan hin qabne ta'ee argame, golee hundumaa irraa soofee, iddoo hundumaas mucuceessee, ija isaas sirriidha, rifeensi mataa fi areedni isaa hundinuu, wanti hundinuu akkuma jirutti sirrii ta'uu yeroo argu, irraa siqeedhaabatee ilaale. Waggoota hedduu hedduu akka inni itti dadhabe, akkasumas akkamitti mul'ata wal fakkaataa waan hojjechuuf deemuu sana yeroo hundumaa sammuu isaa keessatti akka qabaachaa ture nan yaada. Akkasumas mee yaadaa, mul'anni sun waggoota dheeraaf sammuu isaa keessa ture, sirriitti waan sana akka fakkaatu gochuuf—inni mul'ata sana dursee qabate—akkasumas akkamitti akka mul'ata sanaatti hojjechuu akka qabu, soofee fi gadi xiqqeessuudhaan.... Inni yommuu fiixaan baasee xumura irra ga'u, hamma dhuguma guutuu ta'uu isaa argutti hojjettee ganama gaaf tokkoo yeroo xumuretti gadduumii harkatti qabatee dhaabatee ilaale. Innis yeroo ilaaletti kaka'umsa guddaa argate, sababiin isaas mul'anni sammuu isaa keessa ture wanta dhugaa ta'ee fuuldura isaa dhaabbatee ture. Wanti inni argee fi yaadni inni Museen maal akka fakkaatu samuu keeessaa qaba ture wal simee, fakkaattiin isaa isa dura dhaabate, waan inni waggoota kana hunda garaa isaa keessatti fakkii isaa qabaachaa turetu fakkaattii dhugaa ta'ee isa dura dhaabate. Akkasumas yeroo dadhabbii, gaddaa, dhiphinaa, qeeqaa fi waan hundumaa qaba ture, garuu ammas hamma mul'anni sun xumuramutti jabaatee dhaabate.

25 Achiis yommuu inni xumurametti, gadduumii qabatee, gadduumii ittiin fakkaattii sana bobbocu harkatti qabatee duuba dhaabatee siidaa sana ilaale. Akkasumas kaka'umsi mul'ata sanaa, mul'anni inni akkamitti akka isa hojjetu arge, hanga inni—ka'umsi sun isatti bu'ee hamma inni of wallaaleenaannoo jilba fakkaattii sanaa rukutee, "Dubbadhu!" ittiin jedhuutti isa golboobe.

Amma immoo fakkii guddaa sana irratti, jilba isaa irratti, jilba isaa mirgaa irraa mudaa (flaw) qaba. Jilba irraa gara inchii ja'aa xiqqoo ol siqee bakka irraa folloqe qaba. Harka koo keessa kaa'e hamma inni gadi fagagaatu ilaaleera.

26 Yeroo sana hundumaa, kana hojjechuuf waggootaa fi waggoota erga dabarsee booda, dhiibbaa keessa isaatiin wanta garaa isaa keessatti yaadaa turee fi wanta mul'ataan argee ture sana qabatamaatti arguuf in dharra'e, isa arguuf hawwiin inni qabu in raawwatame, in xumurames. Yeroo inni xumuramuttis kaka'umsa akka malee isa keessatti uumame irraan kana ka'e hanga hojiin harka isaa inni guddaan kun natti dubbachuu qaba jedhee yaadutti ga'e. Inni naannoo miila isaa rukutee, "Dubbadhu!" jedhee isatti iyye. Rukuttaa kanaanis holqa isarratti uume. Bifa fakkeenyaa sana irra mudaa kaa'e.

Akka kootti mudaa/holqa/ irratti uumame sanatu hojii sana hojii harkaa guddaa (masterpiece) isa taasise. Amma, tarii sammuu kana irraa adda godhee yaaduuf, inni sana gochaan hojii sana balleesse jettanii yaaddu ta'a. Lakki, anaaf garuu waanuma ta'uun irra ture taasise. Inni ... sababni isaas waggoota dheeraaf of eeggannoodhaan, itti dadhabuudhaan, kaka'umsaa fi kkf erga hojjetee booda, dadhabbiin isaa akkasumaan akka hin taane mirkaneessee ture—innis mudaa kan hin qabne ture, kanaafi egaa kan inni, "Dubbadhu!" jedhee isatti iyyeef. Sababni isaas, inni ... galmaan ga'uu akka danda'e hubate, mul'ata sammuu isaa keessa ture dhugoomsuu akka danda'e, isa duraan sammuu keessaa qabu qabatamaatti argee ture; kanaafis, kaka'umsa hafuuraatiin wanta ta'e tokko sababa (reason)malee hojjete, wanta hin baratamin hojjete; inni isa rukutee "Dubbadhu!" jedhee itti iyye. Argituu, osoo yaadee akkas hin godhu ture. Garuu hin yaadne ture. Waan sammuu isaa keessa qabutu guutummaatti

kaka'umsa hafuuraatiin fuula isaa dura dhaabatee isatti argame.

27 Dadhabbiidhaan, mudhukaa'uudhaan, halkan guutuu hojjechuudhaan guyyoota dheeraadhaaf biyya lafaa fi mana isaa irraa fagaatee hojjechaa ture. Inni tarii buskuta gogduu nyaatee yeroo itti deebi'ee soofu, "Oo, akkaataa ta'uu irra ture hin taane. Amma, gara kanaatti gadi bu'uu qaba ture" jedhee itti deebi'ee soofa ta'a. Sana booda yeroo inni wanta mudaa hin qabne ta'uu isaa argetti, sana booda wanta dhugaa ta'e tokko akka ta'etti isa ilaale. Wanti sammuu isaa keessa ture wanti negaatiiviin wanta dhugaa ta'ee mul'ate; wanta pozaatiivii ta'e; kanaaf, isa keessa madde. Innis baay'ee dhugaa waan tureef, "Dubbadhu!" ittiin jedhe.

Anaaf inni calaqqee ture, inni galata hojii isaa ture, hojiin ofii isaa akka malee isa kakaasuu irraan kan ka'e isa rukutee "Dubbadhu!" ittiin jedhe.

28 Achuma dhaabadhee siidaa sana ilaale. Namichi sana hojjechuuf sa'aatiin inni isatti fudhate hammam ta'a jedheen yaade. Waggaa dheeraa itti fudhate naan jedhan. Garuu isaaf sun calaqqee ture, sababiin isaas aartii isaa guddaa sanaaf, hojii inni hojjechaa tureef sun gumaacha guddaa ture. Dhumarratti yeroo galmaan ga'uu danda'etti baay'ee isa gammachiisee ture.

29 Amma, mee kitaaba waa'ee Mikaa'elaanjeloon wal qabatuu kana haa cufnu. Mee Macaafa biraa bannee waa'ee ogeessa bobbocaa isa guddaa, isa hundumaan olta'ee, isa hundeen lafa kanaa utuu hin kaa'amin dura waan hojjechuu barbaade sammuu isaa keessa qaba turee haa dubbifnu. Innis nama bifa isaatiin tolchuu barbaade. Inni waan Isatti mul'ate, waan yaada isaa keessa ture dhugoomsuu barbaade.

30 Amma, Mikaa'elaanjeloodhaaf sun amala (attribute) yaada isaa ture. Waaqayyo immoo nama akka fakkaattii isaatti tolchu barbaade—ogeessa bobbocaa guddaa—Inni isa hojjechuuf deeme. Akkasumas wantoota Inni akka ta'an godhe in iyaadanna, tarii jalqaba qurxummii, achiis simbirroota, achiis wantoota lafa irra munyuuqanii fi kanneen biroo baay'ee ta'aa jedhee akka taasise ni hubanna. Garuu dhumarratti akkuma inni aare, uumaa ta'uu isaatiin, Inni.... Inni amma akka namaa hin turre, Inni akka ogeessa bobbocaa kan waan uumamaa irraa bifa fakkeenyaa bocu hin turre. Inni ogeessa bobbocaa kan wantoota bara baraa bocu ture. Inni ogeessa bobbocaa kan waan sammuu isaa keessatti hojjechuuf qabu uumuu fi gara jiraachuutti fiduu danda'u ture; yookaan immoo, Inni waan amaloonni isaa barbaadan meeshaa gochuu kan danda'u ture.

31 Inni hojii isaa bineensota xixinnoo lafa irra lo'an irraa jalqabe. Sana booda immoo sana irraa gara waan qaamaan gurguddaa ta'anitti fiduu jalqabe. Ergasii dhumarratti bineensota gurguddaa kan akka leenca, Qeerransaa fi arbaafaa uumuutti ce'e. Ergasii immoo tarii kan akka jaldeessaa, qamalee fi kkf akka jiraatan godhe. Amma, jijjiirama tirannaatiin miti, akka isa nuti inni tokko isa kaan irraa dhufe jennee yaadnuu.... Sun uumama guutuu ture, Waaqayyo duraa duubaan hojjechaa ture.

Dhumarratti garuu wanta mudaa hin qabne tokkotu lafa irratti argame, innis nama ture. Achiis nama sana arguu danda'e, yommuu Inni isa ilaalus namni Isuma fakkaata. Egaa amma, yeroo Inni isa ilaalutti inni calaqqisiisa Uumaan isaa maal akka ta'ee agarsiisu ture. Waaqayyo amma wanta gochuu barbaade, nama bifa Isaa ta'e hojjetee galmaan ga'uu danda'ee ture.

32 Achiis tarii akkas jechuu nan danda'a: Inni yeroo nama kana uumetti namichi kophaa isaa waan ta'eef, wanti sirrii hin fakkaanne wayii tokkotu ture. Waaqayyos akkas ture—qophaa Isaa ture. Inni kan bara baraa ture. Namni amma bifa Waaqayyoo ta'es qophaa isaa lafa kanarra jiraata ture. Kanaafuu Inni rukuttaa xiqqootiin cinaacha isaa bitaa dha'ee, achi irraas qaama wayii fuudhee, isa rukutee irraa folloqse sana fuudhee gargaartuu, haadha manaa isaaf tolche. Inni sana booda kophaa isaa hin turre; inni .... Nama wayii waliin isa kaa'e. Hojiin isaa inni guddaanis isa kana.

33 Innis akkuma ogeessi bobbocaa beekamaan kamiyyuu hojii ogummaa isaa isa guddaa hojjetu.... Amma jalqaba, Inni hojii guddaa (masterpiece) ofii isaatii qaba ture. Amma garuu, Hojiin guddaan sun akkuma Isaa kophaa ta'uu isaa waan argeef, cinaachaa hojii guddaa sanaa irraa rukutee addaan hiree gargaartuu gidduudhaa baase.

Ammas, lamaan isaanii tokko godhee, akkuma ogeessi bobbocaa guddaan kamiyyuu hojii harka isaa bakka bareedaa kaa'utti, Innis iddoo bareedaa isaan kaa'e. Namni ogeessa bobbocaa ta'e beekamaa ta'e tokko hojii guddaa hojjetee, ergasiis isa fuudhee bakka hin malle, daandii keessa hin kaa'u ykn mana duuba hin dhoksu. Akkuma isa Gooftaan keenya "Homtinuu ibsaa qabsiisee guuboo jala hin kaa'u" nuun jedhee ti. Nuti yeroo hojii harka Waaqayyoo isa guddaa taanutti, bakka tokko, boolla wayii keessa hin dhokannu; ifa kennuu qabna malee.

34 Egaa inni ... erga hojii guddaa kana hojjetee booda akka ta'e ni argina. Innis ol isa kaasee lafa kana irraa bakka hunda caalaa bareedaa ta'e, iddoo dhaabaa Eden keessa isa kaa'e. Hojii harka isaa isa guddaa, uumama jiraatoo ta'an sana lamaan, iddoo dhaabaa Eden keessa kaa'e. Hojiin harkaa guddaan kun gaarii ta'uu isaa yommuu arge akkam Isa gammachiise laata. Inni.... Sana booda akka Inni boqote ni arganna; hojii Isaa kanatti baay'ee gammade.

35 Amma yaadadhaa, akka yaada kootti hojii ogummaa harkaa Saan Angelooon siidaa Musee siidaa boce keessatti hojii ogummaa harkaa isa guddaa (masterpiece) kan taasise rukuttaa godaanisaa sana dha. Akkasumas rukuttaa cinaacha hojii isaa isa guddaa kana irratti godhametu misirroo sana as baase. Amma, akka maatii kalaqa hojii ogummaa guddaa tokkootti iddoo dhaabaa Eden keessatti isaan argina. Akkam bareeda ture. Akka malee Isa gammachuu irraan kan ka'e hanga boqonnaa fudhachuutti ga'e; Innis "An nan boqodha" jedhe.

Garuu utuu Inni hojii harka isaa isa guddaa kanatti amanamummaa gatee boqochaa jiruu, diinni isaa ol seenee hojii ogummaa harkaa guddaa kana argate; innis ... gowwoomsaadhaan dallaa iddoo dhaabaa sanaa jala lo'ee ol seenee hojii harkaa guddaa bareedaa kana faale. Akka inni kuftutti isa faale.

36 Amma, sa'aatii sana ilaaluuf yaalaa jira. Akkasumas Maayik, mucaan durbii kootii, daqiiqaa soddoma booda bilbila sana akka bilbilu gaafadheen ture, garuu inni hin bilbille, anis daqiiqaa soddoma tareera, garuu.... Xiqqoo itti fufna, ilaalaa. Amma, seera kana cabsuu hin barbaadu; Seerota kana anatu baase, ilaalaa. Kunoo immoo seeruma keessan cabsaa jirtu.

37 Amma hubadhaa. Hojiin guddaan kana Seexanni (inni gowwoomsaan sun) yomuu argate—inni dallaa cabsee hojii guddaa kana mancaase. Sababni isaas inni akkasitti isaan faale. Inni akkamitti kana raawwate? Isa kana bal'inaan itti nan deema, akkamitti akka inni kana hojjete in ilaalla. Hojiin ogummaa guddaan kun dallaa Sagaleetiin, dallaa Dubbii Waaqayyootiin kan marfame ture. Hojiin guddaan kun mataan isaa, akka maatiitti Dubbii Waaqayyoo kanaan jabaatee ture; garuu kutaan irraa cabe, inni jalqaba dallaa sana irraa cite bade Seexanni dallicha bira darbee akka isa mancaasuuf carraa bane. Ammas, wantoota sana irratti maal akkan amanu ni beektu, kanaaf amma isa dubbachuu hin barbaadu. Garuu hojiin harkaa guddaan sun cabee ture.

Garuu ogeessi bobbocaa guddaan, yeroo Kufaatii maatii isaa,kufaatii hojii harkaa Isaa isa guddaa sana argetti, mataan isaa gadi cabee achumaan akka badutti isa dhiisuuf garaa hin jabaanne; Inni ammas deebiseef isa ijaaruuf battalumatti hojiitti seene. Inni akka badu, yeroo hundumaa akkasitti mataa gadi qabatee akka hafu hin barbaadde, Inni Waaqayyo waan ta'eef hin mo'amu. Kanaaf battaluma sanatti hojiitti seenee, nama fakkaattii ofii isaatii deebisee ijaaruu jalqabe.

38 Amma, addunyaan bishaan bishaan badiisaa dhufee waan hundumaa balleessuu isaa ni beekna, sababiin isaas kakuuwwan raawwataman, haal-dureedhaan irratti kan hundaa'u ture: "Yoo kana hin gootan taatan yookaan yoo kana gootan...." haal duree jedhutu ture. Waaqayyo, ogeessi bobbocaa guddichi, namni kun kakuu eeguu akka hin dandeenye arge. Inni kana gochuu hin danda'u. Karaan inni ittiin isa eeguu danda'u tasumaa hin jiru.

Afgaaffii y eroo muraasa dura naaf godhame keessatti nama amma as jiru tokkoo wajjinan kutaa koo keessatti haasa'aa ture. Isheen,"Garuu Obboleessa koo Biraanhaam, wantoota dogoggora ta'an waan baay'ee kanan godhe nan beeka"nan jette. Isheen dubartii gaarii Waaqayyoon sodaattu dha.

Anis, "Garuu ilaali, Obboleetti of ilaaluu hin qabdu, inni waan fedhii keetii kan ta'ee fi waan ati gochuuf yaaltu qofaa dha. Yoo dhuguma Gooftaa jaallatte immoo garaa kee guutuudhaan isa tajaajiluuf yaali. Sana booda immoo dogoggorri kee hundi dhiiga gooftaa Yesuus jala dhokatee jira, argi. Ilaali, Inni karaa ittin miliqnu nuuf tolcheera" jedheen deebiseef.

39 Kanaaf Inni amma kakuu isaa isa jalqabaa, "Yoo ati kana goote, ani kana nan godha" jedhu irraa gara kan biraatti nama fide . Kakuu kanas nama Abrahaam jedhamu irraa jalqabee, Abrahaamiif kakuu haal-duree tokkoon hin daangeffamne isaaf kenne. Yeroo Inni hojii guddaa tokko hojjechuu jalqabu hundumaatti, Seexanni isa ni argata ture, sababni isaas Sagalicha. Abrahaamii wajjin yeroo jalqabutti garuu, "Ani kanumaaan dura raawwadheera" jedhe. Amma, kun haal-duree tokko malee ti, maal ... inni kan, "Yoo ati goote, anis nan godha" jedhuu miti, "Ani dursee hojjedheera" kan jedhudha malee. Amma Inni, ogeessi bobbocaa kun, hojii oogummaa harkaa guddaa kana qabachuuf murteessee jira.

Ergasii Abrahaam irraa abbootiin qomoo ni dhufu. Abbootiin qomoo immoo dhuguma.... Amma Waaqayyo maal hojjechaa jira? Inni Hojii harkaa guddaa isa kufe kana deebisee ijaaraa jira. Egaa abbootii qomoo keessatti jalqaba irratti kan argannu Abrahaam ture.

40 Amma ilaalaa. Hojiin ogummaa guddaan hundinuu hundee(foundation) fakkaattiin bocame irra kaa'amu irra kaa'ama. Siidaan Musee Anjeloon boce dhagaa marbilii faana sadii ykn afur dheeratu irratti argama. Inni hundee irra kaa'ame qaba. Kanaaf Waaqayyo hojii guddaa kana qopheessuu keessatti, hundee abbootii qomoo irra kaa'e. Hundeen abbaa qomoo immoo, jalqabi Abrahaami, itti aansee Yisihaqi, itti aansees Yaaqoobi, achiis Yoseefi—golee afran.

Ammas, Abrahaam hundee amantii ture. Inni hundee afur qaba ture haa jennu. Hundeen amantii Abrahaam ture. Hundeen jaalalaa Yisihaaq ture. Hundeen ayyaanaa Yaaqoob ture,Waaqayyo Yaaqoobitti ayyaana agarsiisee ture. Kana eenyullee ni beeka. Yooseef keessa garuu fiixaan ba'iinsatu ture. Bakki Inni siidaa sana kaa'uu danda'e jira, hundee isa jalqabaa irra miti, hundee isa lammaffaa irras miti ,

hundee isa sadaffaa irras osoo hin taane, hundee isa afraffaa irra isa kaa'e.

41 Abrahaam Kiristoosiin akka agarsiisu beekamaadha, Yisihaaqis akkasuma. Abrahaam amantiidhaan hojjete. Yisihaaq jaalalaan hojjete. Yaaqoob ayyaana isaatiin hojjete, sababiin isaas Yaaqoob jechuun gowwoomsaa jechuudha; inni akkuma maqaa isaa gowwomsaa ture. Ayyaanni Waaqayyoo garuu isa waliin ture. Garuu yeroo gara Yoseef dhufnutti, homtuu isa irra hin jiru, dhooqa godaannisaa xiqqoo tokko qofa qaba ture, dhooqa sanaanis hundeen sun hojii harkaa guddaa ta'uun waan irra jiruufi. Yeroo inni waa'ee abbaa isaa raajichatti hime Fara'ooniin akkas jedhi jedheen, " Nuyi garboonni kee warra horii horsiisaniidha; abboonni keenya akkasuma waan turaniif,nus immoo mucummaa keenyaa jalqabnee isatti jirra jedhaa! Warri Gibxii nama bushaayee tiksu hundumaa ni ciigga'u waan ta'eef."

Garuu raajiin durii sun yeroo Fara'oon duratti dhi'aatetti, "Nuyi garboonni kee tiksituu bushaayee ti" ittiin jedhe. Kanaaf inni godaannis isatti godhe, ilaalaa. Kanaafidha ammallee hojii harkaa guddaa kan isa taasise.

42 Ammas hundeen sun karaa abbootii qomootiin amantii, jaalala, ayyaana, fi fiixaan ba'iinsaa irra kaa'ame.

Amma, qaamni hojii hojiin guddaan kun ittiin dhufu raajota ture, innis Sagalee ture. Kana dubbisuu akka dandeessan abdiin qaba. Ilaalaa, raajota malee seera miti, raajota. Raajotatu Sagalee Waaqayyoo mirkanaa'etti dhagna godhaa turan malee abbootii qomoo miti, raajotatu dhagan aitti godhe. Raajonni Dubbii Waaqayyoo turan.

Dhumarratti, Inni akkuma dur bara Musee keessa jalqabee karaa raajotaa gadi bu'ee, karaa tokkoon tokkoon isaanii darbee, dhumarratti qaamicha ol ijaaruudhaan gara goolabuutti deeme. Raajota hundumaa keessaa inni guddaan immoo Yohaannis ture. Macaafni Qulqulluun kana dubbateera. Yesus kana jedheera: "Nama ta'ee lafa irratti kan dhalate keessaa, Yohaannis irra kan caalu hin jiru," sababiin isaas inni nama Sagalicha namatti beeksisuu (introduce) danda'u ture.

43 Sana booda dhumarratti mataa guddaan in dhufe, mataa hunduma isaanii inni ta'e in dhufe. Qaamni warri kaan hunduu waa'ee matichaa qofa dubbatan.

Hundeen kan kaa'ame abbaa qomootiin yoo ta'u, qaamni garuu Sagaleedhaan ijaarame, innis raajotaan ture. Kunoo immoo mataa hundumaa inni ta'e in dhufe; Yesus ifatti ba'ee mul'ate. Achittis yeroo mataan kun qaamicharra kaa'amutti guutummaa hojii harkaa Waaqayyoo Isa keessaatti arganna. Inni Sagalicha waan tureef, Inni guutummaa Sagalichaa waan tureef, calaqqisiisa Sagalichaa isa mudaa hin qabne Isa keessatti arganna. Ammas deebisee, Waaqayyo ammas hojii harkaa guddaa isa mudaa hin qabne hojjete, akkuma Isaayaas jedhe, "Kunoo, garbichi koo inni ani ol ol qabu, inni ani fo'adhe, inni ani jaalladhu isa kana! Ani hafuura koo isaaf kenneera, inni firdii qajeelaa saba lafa irraatiif in baasa" jedhe. Achitti bifa fakkaattii ofii isaatiin Waaqayyoon calaqqisiisaa jira, sababiin isaas Qulqulluu Yohaannis 14 irratti "Namni ana arge Abbaa arge" jedheera.

44 Egaa Sagalichi jalqaba waan hundumaa ture, Sagalichis Waaqayyoo bira ture; akkasumas Sagalichi irraa soofamee waan Sagalicha jalqaba ture calaqqisiise, Inni, Sagalichi, hojii guddaa sana keessatti fakkaattii isaatiin calaqqisiise, Waaqayyo bifa fakkaattii isaatiin deebi'ee of mul'ise, Sagalichi bifa namaatiin calaqqisiifame— hojii ogummaa harkaa guddaa.

Raajonni hundinuu mudaa qabu turan. Hundumti isaanii mudaa mataa mataa isaanii qabu turan. Garuu kunoo dhumarratti karaa sanaan kan ol ba'e, dhumarratti hojiin ogummaa guddaa (masterpiece) ol ol in qabame , Inni mudaa kan hin qabne ture, tasumaa Isa irratti balleessaan hin argamne, Inni mudaa kan hin qabne ta'uu keessa darbee hanga Isa Isa ijaare Mataa Isaa calaqqisiisuutti ga'e. Fakkaattiin Isaa hojii isaa keessaa calaqqisa ture. Waaqayyo fi Kiristoos tokko ta'uu irraan kan ka'e Waaqayyo hamma Hafuura Ofii Isaa isa keessa kaa'uutti ga'e; achiis bifni fakkaattii sunii fi Inni fakkaattii sana ijaare illee tokko ta'an. Waaqayyoo fi hojiin bobbocaa isaa, hojii guddaan isaa, iddoo Museen.... Siidaan Musee hojii San Angelo keessatti ... Mikaa'elangelo jechuu koo ti dhiifama, siidaan sun hojii bobbocaa du'aa kan lubbuu hin qabne ture, sababiin isaas dhagaa irraa bocame waan ta'eef. Garuu asitti ogeessi ijaarsaa Inni guddaan, hojiin harka Isaa guutuu, kan mudaa hin qabne ta'uu isaa yeroo argetti, Ofuma Isaatii ol itti seenee isa keessa buufate.

45 Hamma malee guutuu ta'uu Isaatiin furii ilmaan namootaa ta'e, Inni hamma malee guutuu ture, Inni hamma malee nama Waaqayyoon sodaatu ture, haa ta'u malee Ilmi Waaqayyoo jiraataa inni durba irraa dhalatee gooftaa guddaa ta'e kun, gooftaa guddichi mudaa hin qabne kun, inni gad of deebisee bifa fakkaattii Waaqayyootiin dhufe kun, Inni jireenya isaa karaa raajotaa ol fidee turee fi Inni raawwii raajota hundumaa ta'e kun simboodhaa fi surraa waan hin qabneef nuyi Isa ilaaluu hin jaallanne . Inni hamma malee guutuu, mudaa kan hin qabne ta'uu irraan kan ka'e Waaqayyo hamma isa ilaalaa, isa rukutaa, "Dubbadhu!" ittiin jedhuutti ga'e; akkuma Mikaa'elaanjeloon, "Dubbadhu!" ittiin jedheetti.

Isin, "Akkas ta'aa ree?" in jettu. Qulqulluu Maarqos 9:7 irratti, gaara Jijjiirama irratti yeroo Museen,

seerri, Eliyaas, raajonni hunduu achi dhaabatanii jiran argina. Abbootii qomoo, abbootiin, seerri, raajonni, hundumti isaanii utuu achi dhaabbatanii jiraniii, sagalee duumessa keessaa gadi bu'ee, “Kun Ilma koo isa jaallatamaa dha, isa dhaga'aa!” jedhe. Isaan isa dhaga'uuf deemu yoo ta'e immoo Inni dubbachuu qaba. Kun kan ta'e immoo rukutamuuf guyyoonni muraasi yeroo Isa hafutti ture. “Kun Ilma koo isa ani keessa jiraachuu kootti gammadudha.Ani Isa boceera. Bocee gara kanatti Isa fuduuf waggaa kuma afur natti fudhateera. Ammas Inni hamma malee mudaa kan hin qabne ta'eera akka inni dubbachuu danda'uufis Isa rukkuchuun qaba. Isa dhaga'aa. Inni isa mudaa hin qabnedha. Inni hojii ogummaa harkaa guddaadha.”

46 Yaadadhaa, Inni dur Kakuu Moofaa keessatti waan hundumaatti fakkeeffameera. Inni dhagaa lafa onaa keessaa utuu ta'uu argina, Inni dhagaa lafa onaa keessatti rukutame sana ture: “Ani dhagaa lafa onaa keessa ture sana dha.” Garuu sun dhagaa ture; ammallee gara fiixaan ba'iinsa isaatti hin dhufne ture. Garuu fakkeenya waldaa ishee ishee akka Isa hordoftaniif Inni kaasee ofitti harkisuu danda'uu sana turte, fakkeenya dhagaa isa Inni kaaseewarra jireenya kennuufii danda'uuf jireenya kennee ti. Garuu Inni dhagaa lafa onaa sana keessa ture dha. Inni hanga yeroo sanaatti nama ta'ee hin bocamne ture. Inni akka fakkeenyaatti qofa ture.

Museen utuu Inni dhagaa kanarra dhaabatuu Isa arge. Innis utuu Inni darbuu jiruu Isa argee, “Dugda namaa kan fakkaatun arge” jedhe. Argitanii, Siidaan sun Musee duratti dhi'eeffamee ture, innis fakkaattii wanta fuulduratti Kiristoos ta'uuf jiruu irraa hanga tokko ture, inni hojiin ogummaa guddaa sun yeroo fiixaan ba'u maal akka fakkaatu hanga tokko kan agarsiisu ture. Inni fuula isaa dura darbee.... Innis mul'ata hojiin ogummaa harkaa sun maal akka fakkaachuuf jiruu Museetti agarsiise. Inni yeroo lafa onaa keessatti isa bira darbe dugda namaa kan fakkaatu ture.

47 Yaadadhaa, Ajeeloon bifa fakkaattii sana rukutee, “Dubbadhu!” jechuu qofa danda'a. Garuu Waaqayyo isa ogeessa bobbocaa isa guddaa ta'eef immoo attam kanarraa adda ta'a laata. Yeroo Inni nama bifa isaatiin uumetti, nama mudaa hin qabne kan Isa calaqqisu uume. Waaqayyo bifa namaa keessaan dubbatee, waan gochuuf jiru agarsiise. Inni karaa raajotaa dubbate isaanis adadaum Inni gara Mataatti ol ijaaraa deemuun qaama dhagna fakkaattii sanaa turan. Garuu Innni yeroo Mataa irra ga'etti, Inni guutumaan guutuutti fakkaattii Waaqayyoo ture. Inni Ofii Isaa bocaa ture. Ergasii nuuf rukutame.... Amma Inni nuuf hojii harkaa guddaa dha, Inni kennaa Waaqayyoo ti, Yesus Kiristoos Jireenya bara baraati. Nuyi kana yoomiyyuu akka hin daganne abdiin qaba.

48 Akkuma guyyoonni dukkanaa'aa jiraachuu arginu, akkuma gaaddidduun bu'aa jiraachuu arginu.... Yeroon tilmaamu aduu dhiitee bariitee yeroo muraasa booda sabni kun ni baddi. Ni beektuu, kaleessi, Adoolessi gaafa afurii, guyyaa itti Toomaas Jeefarsan Labsii Walabummaa mallatteesse ture, isaa fi boordii biraa isaa wajjin turaniin bibilli Bilisummaa bilbilamee, akka buyyaatti walabummaa nuuf labsame. Akka seenaatti waggoota dhibba lama caalaa darbee yeroo kamiyyuu dimokiraasiin jiraatee itti fufee hin beeku. Innis Adoolessa afur bara 1776 labsame. Waggaa kudha tokko qofatu nu hafe. Itti fufee jiraataa? Lakki! Itti fufuu hin danda'u! Waggaa kudha tokkotu hafe, yoo itti fufe seenaa hunda cabsuu isaa ti.

49 Haala yeroos ni argina. Haala ummataa ni argina. Haala siyaasa keessa jirruu ni argina. Haala addunyaan keessa jirtu ni argina. Dhabachuu hin danda'u! Akka doonii Taayitaanikii (Titanic) dhidhimuu qaba. Garba jalatti gadi bu'uu qaba! Kun waan jiruuf.... Bakka gadi dhiisuu qaba—biyyi tokko kufee isa kaaniif iddoo gadi dhiisa. Mootummaan kun kufuu qaba akkasumas mootummoonni biroon hundi mootummaa dhufaa jiru isa kufuu hin dandeenye sanaaf iddoo gadi dhiisuu qabu. Mootummaa hin sochoone isa karaa bifa fakkaattii Waaqayyoo, hojii harkaa guddaa kanaa dhufu simachuuf deemna waan ta'eef.

50 Waaqayyo, yommuu isa ilaale, akka malee kaka'umsa hafuuraa keessa gale, Inni akka malee.... Inni dhaabbii Isaa ilaalee, Ofiidhuma Isaa arge. Inni akka malee kaka’umsa hafuuraa waan argateef, hojiin kun hojii guddaa furii ilmaan namaa ta'uu qabu dha, jechuunis Yesus furii ilmaan namaa ti. Egaa Waaqayyo, ofii isaatii rukutamuuf jedha, gatii adabbii namaa ofii isaatii kaffaluuf deema, Waaqayyo fi Kiristoos tokko ta'an, kanaaf Waaqayyo bifa fakkaattiitiin rukutamuu danda'e, Inni madaa'uu danda'e. Kanaafis Isaayaas, “Nuyi garuu akka waan Waaqayyo dha'icha isatti fidee, akka waan inni isa rukutee gadi isa deebiseettis in lakkoofne. Inni garuu balleessaa keenyaa if in waraaname, sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni in adabame, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf in argame” jedhe.

51 Fakkaattii Waaqayyoo isa mudaa hin qabne, Waaqayyo-namaa, Waaqayyo 'en morphe'n uumamaa ol (supernatural) ta'uu irraa gara mul'ataatti jijjiirame. Mul'anni sunis fakkaattii sanatti akka ifu (projected) ta'e. Wanti uumamaan ol ta'e kun du'a akka dhandhamuufis fakkaattiin kun, jechuunis hojii harka Waaqayyoo inni mudaa hin qabnee kun akka dha'amu ta'e. Inni Musee keessatti kana gochuu hin dandeenye. Inni raajoota keessatti kana raawwachuu hin dandeenye. Isaayyaas qaamni isaa nyaataamuraadhaan hanga gumaa gumaatti cicciramuutti ga'e.... Inni raajoota dhagaadhaan rukutamanii ajjeefaman keessatti isa kana raawwachuu hin dandeenye. Inni sana gochuu hin dandeenye, sababiin isaas miirri dhukkuubbii isatti dhaga'amuu waan hin dandeenyeef. Raajonni bu'aa dhagna Isaa waa xiqqoo turan. Garuu hojii harkaa guddaa isa mudaa hin qabne kana keessatti guutummaan Waaqayyummaa

namummaa Isaa keessa jiraate. Inni Musee qofaatti of mul'ise osoo hin taane, namummaa uumama isaa guutuu nama kana keessatti gadi dhiisee (project) sanyii dhala namaa hundumaaf du'a dhandhamuu danda'e. Hojii harka Waaqayyoo isa mudaa hin qabne kana, Waaqayyo isa ilaaluudhaan akka malee kaka'umsa hafuuraa keessa gale, Inni baroota hundumaa keessa warra jiraniif, warra duraafis, warra ammaafis warra gara fuulduraafis kan dubbatu ta'e.

Abdwwan abdachiifan hunduu Isa keessatti wal ga'u. Inni fiixa ba'iinsa fiixa ba'insaa ti. Fakkeenyonni hundinuu Isa keessatti raawwataman: Inni fira furii (kinsman redeemer) Ruutii fi Bo'az gidduu ti; Inni isa Tulluu Siinaa irraa seera nuuf kenne dha; Inni raajii keenya isa lafa onaa keessaa ti, Inni akkuma gaara irraa dhufetti, akkuma lafa onaa keessaa dhufetti—Inni akkuma kan bara baraa irraa dhufee nama ta'etti, fakkaattii mudaa hin qabne ta'e.

52 Waaqayyo, baroota hundumaa keessatti, abbootii qomoo irraa qiqqirixee, waltajjii isaaf tolchee, wantoota adda addaa irraa isaan fidee hundee kana irra dhaabe. Hundee kana irrattis Dubbii isaa warra ta'an raajota ijaaruu jalqabe, achiis dhumarratti gara raajii isa mudaa hin qabneetti, gara hundee isa mudaa hin qabneetti, gara mul'ata mudaa hin qabne Waaqayyo qabutti ba'e.

Egaa amma, kun akka hin dubbanneef Inni Sagaledha—Sagalichi akka dubbatuuf immoo gara bifaa fakkaattiitti dhufuu qaba. Sana boodas fakkaattiin sun akka dubbatuuf rukutamuu qaba. Inni fakkaattii sana keessa seenuu qaba. Sana booda dubbachuufis furii mudaa hin qabne ta'uu qaba—wantoonni kakuu moofaa keessatti fakkeeffaman hundinuu (all types) Isa keessatti wal ga'an.

Akkuman guyyaa tokko dubbadhee ture, Yahweenn Kakuu Moofaa Yesus isa Kakuu Haaraa ti. Eeyyee!

53 Dhiironnii fi dubartootni baay'een kanneen umuriin keessan toora kan kootii ta'e akkuma beektan, duraan guutummaa biyyattii keessaa mana miiccaa (laundry) Chaayinaa baay'ee qabna turre. Chaayinoonni yeroo jalqaba seenan, qarqara galaanaa Dhihaa irraa gara bahaatti socho'aa dhufan, biyya gara Bahaa irraa dhufanii, karaa kanaan socho'aa turan. Haa hojjetan maleenamoota afaan keenyaa fi akkaataa keenya hin beekne turan, garuu miiccaa gaarii miicu turan. Akkasumas akka isin deebitanii uffata keessan isa sirrii fudhachuu dandeessaniif tikkeettii barreessuu hin danda'an turan. Garuu namichi Chaayinaa tokko, kaardii xixiqqoo tasumaa homaa of irraa hin qabne qaba ture. Kanaaf yeroo isin uffata itti geessitan kaardii kana fudhatee haala murtaa'aa ta'een tarsaaseeisa tokko isiniif kenna, isa kaan immoo of biratti hambifata ture. Amma inni kun waan kanaan duraa irra xiqqoo fooyya'aadha, sababiin isaas yeroo uffata keessan fudhachuuf deebitanitti, tarsa'aan kaardii lamaaii yommuu wal irra kaa'amu wal irra ooluu qaba waan ta'eef. Fakkeesseen hojjedha jettanii yoo yaaltan hojjechuu hin dandeessan. Karaan itti isa hojjetan hin jiru. Kaardii sana kooppii gochuu dandeessu ture, garuu sana fakkeessitanii tarsaasuu hin dandeessan. Citaa isa kaanii wajjin sirriitti walsimuu qaba. Kanaaf uffata xuraa'aa isatti fiddan, tikkeettii sanaan deebiftanii fudhachuu (redeem) dandeessu ture, sababiin isaas tikkeettii isa isa biratti hafee wajjin waan walsimuuf.

54 Waaqayyo karaa raajotaa fi seera jalatti cubbuu hojjechuu keenyaaf yeroo nutti murteesse.... Seerichis ayyaana hin qabu ture; cubbamaa ta'uu keessan qofa isinitti hima. Garuu Yesus yeroo qaamaan mul'atetti, Inni raawwii ture. Inni raawwii waan Waaqayyo abdachiisee ture hundumaa ture. Inni nudaa kanahin qabne, fakkaattii dhugoo (identical image) abdichaa ture. Kanaaf abdiin kakuu moofaa hunduu Yesus Kiristoos keessatti wal ga'e. Musee keessatti wal kiphuu hin dandeenye. Raajota kamiyyuu keessatti wal arguu hin dandeenye, garuu hojii harkaa guddaa kana keessatti wal ga'ee ture, waan Inni ta'uuf deema jedhee dubbate hundumaa wajjin wal simee ture. Akkasumas waldaan waan Waaqayyo abdachiise hundumaa wajjin kan wal simu ta'uu qabdi. Isheen dhagna Isaa isa Isa irraa rukutame baafame ta'uu qabdi. Kanaafuu yoo inni jalqabaa (original) Sagalee ta'e, dhagni Isa irraa foxxoqfames Sagalee ta'u qaba, cinaacha Isaatii wajjin walsimuu qaba.

55 Kanaafuu namichi Chaayinaa.... Bakka seerri isin balaaleffateetti isin xuraa'oodha, yakkamoodhas jedhee isin himatee mana hidhaa isin galchuu danda'a ture; Inni yeroo dhufetti garuu, Inni tikeetii wal simaa isa achi keessaa isin baasee iddoo keessanitti isin deebisuu danda'e dha, tikkeettii guutuu ta'uun—furii Waaqayyoo iddoo dhaabaa Eeden keessatti abdachiisee achitti deebi'uudha: “Sanyiin kee mataa bofaa in buruqsa, inni koomee isaatiin mataa isaa in buruqsa.”

56 Amma, hojii harkaa guddaa kana Waaqayyo xumuruu isaa arganna. Amma, Inni waan abdachiifame hundumaa akka ta'e hubanna. Inni abdii hundumaa, raajii hundumaa, waan Waaqayyo waadaan gale hundumaati: “Sanyiinkee mataa bofaa ni buruqsa.” Amma, Inni seeraan isa buruqsuu hin dandeenye. Inni raajootaan isa buruqsuu hin dandeenye. Garuu Inni isa buruqsuu kan danda'e yommuu Sanyiin dubartittii hojii harkaa isa guddaa (masterpiece) ta'etti, yommuu sanyiin ishee Kiristoo ta'etti buruqfamuu danda'e. Inni dhagaa gaara keessaa fottoqee ba'u isa Daabi'el arge ture. Kan isa rukuchuu danda'u isa ture. Inni buruqsuu danda'e Isa ture, kan mataa bofaa buruqsuu danda'e Isa ture.

Jireenyi Isaa jireenya Musee wajjin sirriitti kan wal simu (match)ture. Jireenyi Isaa jireenya Daawitii wajjin kan wal simu ture. Mee akka Inni isaanii wajjin wal simu waliin haa ilaallu.

57 Mee Dawitiin hubadhaa, mootii sabuma isaatiin jibbame. Inni.... Inni gaaf tokko utuu ... ilmuma isaatu fincilee isa irratti ka'e. Inni loltoota Israa'el addaan baasee gargar hire. Innis ... Daawitis ni ari'ame—ykn sabuma isaatiin teessoo muutummaa isaatii irraa ari'ame. Utuu inni baqachaa jiruus namni isa jibbu tokko karaa irratti isa duukaa bu'e; inni Daawititti tufaa tufaa isuma faana deema ture. Eegduun mootichaas billaa isaa luqqifatee, "Namichi akka saree du'aa kun maaliif si gooftaa koo mooticha abaara? Mee dhaqeetan mataa isaa isa irraa kuta" jedhe.

Daawit immoo, "Isa dhiisi,Waaqayyotu kana akka godhuuf isatti himee" isaan jedhe. Hin argitanii? Nama gaddaan dha'ame, nama akka itti gaddan beeku, inni akkuma hoolaatti warra isa cicciratan dura dhaabata, garraamii kana ilaalaa. Isatu akkas jedhe. Tarii Daawit waan jechaa jiru hin beeku ta'a. Garuu gara waggaa dhibba shanii, dhibba ja'aa booda yookaan xiqqoo sanaa olii booda, Ilmi Daawit karaadhuma sana irra utuu darbaa jiruu Isatti tufame. Garuu yaaddhaa yeroo Daawit ...warruma kan isaa ta'an keessaa ba'e.... Gaafa inni biyyaa ba'ee baqataa ta'ee, baqattuummaa keessaas ba'ee, gaafa inni biyyatti deebi'ee galu, namichi isatti tufe sun nagaa fi araara isa kadhate. Warri Isa reebanis gaaf tokko gaafa Inni deebi'ee dhufu Isa arguuf jiru.

58 Yeroo sanatti Yoseef keessattis Isa ni arganna, inni nucaa adda ta'ee dhalate ture, inni isa dhumaa ti, inni hundee isa dhumaa gara gubbaa bakka hojiin harkaa guddaan (masterpiece) irratti ijaaramuu ti. Inni amantii, jaalalaa fi ayyaana irraan kaa'ama; inni gara fiixaan ba'iinsaatti dhufa. Akkasumas miila jalqabaa irraa kaasee, Kiristoos keessatti gara fiixaan ba'iinsaatti dhufe.

Mee akkamitti akka inni Yoseetti, hundee isa gara ol aanuutti, isa hunda isaanii caalaatti kan mudaa hin qabne ta'eetti akka fakkeeffame hubadhaa. Yoseef maatii isaa irraa akka dhalate ni beekna; inni dhugumatti dubartii akka seeraatti fuudhamte irraa dhalate, isheen haadha manaa seeraa Yaaqoob turte. Akkasumas yeroo inni dhalatetti abbaan isaa akka isa jaallate hubadhaa; obboloonni isaa garuu sababa tokko malee isa jibban. Maaliif isa jibban? Sababni isaas inni Sagalicha ture. Hundee sana argitanii? Mataan hudichaa akkamitti akka dhufu ilaalaa. Amma mataa dhagnichaa (body) utuu dhufuu ilaalaa. Amma, mataan misirrottii utuu dhufuu ilaalaa. Inni Sagalicha ture. Inni nama mul'ata argu waan ta'eef isa jibban. Inni wantoota ta'uuf jiran dursee argee isaanitti hime. Wantoonni sunis in ta'an; hammam yoo lafarra harkifate iyyuu akkuma inni jedhetti raawwataman. Inni nama hafuura ta'uu isaa irraa kan ka'e obboloota isaatiin ari'atame. Silaa isa jaallachuutu isaan irra ture. Isaan garuu isa jibban, sababni isaa inni raajii nama hafuuraas waan ta'eef. Egaa Isaan isa jibban.

59 Hubadhaa, inni meetii soddomatti siqutti gurgurame, boolla keessattis gadi darbatame, du'eera jedhaniis biraa deeman, garuu boolla keessaa ol baafame. Yeroo qorumsaa isaa mana hidhaa keessattis, eegduun warra mootiif dhugaatii dhi'eessanii fi eegduun warra buddeena tolchanii.... Eegduun warra mootiidhaaf dhugaatii dhi'eessanii du'a oolee, eegduun warra buddeena tolchanii akka ajjeefame in beekna. Akkasumas mana hidhaa Kiristoos kan ta'e fannoo irrattis, inni tokko in fayye inni kaan immoo in du'e—hattoota lamaan, warra yakka hojjete lamaan.

Innis mana hidhaatii baafamee gara harka mirgaa Fara'oonitti akka fudhatame ni hubanna, karaa Yooseefiin yoo ta'e malee namni tokkollee Fara'oonii wajjin dubbachuu akka hin dandeenye ni hubanna. Yeroo Yoseef teessoo Fara'oonitti ol ba'ettis, malakanni guutummaa biyya Gibxiitti afuufamee, dhukaasni dhukaafamee, "Namni hundinuu gadi jedhaa, Yoseefiif qoomma'aa!" jedhamee labsame.

60 Yesuus irrattis waanuma akkasiitu raawwatame. Inni Abbaadhaan baay'ee jaallatamee obboloota mana amantiitiin immoo sababa tokko malee jibbame. Innis akkuma isaa meetii soddomatti gurguramee, du'eera jedhamee boollatti gadi darbatame. Fannoo irrattis inni tokko du'ee inni kaan du'a oole. Fannoo irraas ol kaafamee, surraa Waaqayyoo keessa, Hafuura guddaa isa Isa keessatti calaqqisee ture keessa, gara mirga Waaqayyoo in taa'e. Eenyu illee karaa Yesus Kristoosiin yoo ta'e malee Waaqayyotti dubbachuu hin danda'u. Mee itti yaadaa! Yeroo Inni teessicha iarratti ol ba'u, malakanni ni afuufama, jilbi hunduu isaaf in jilbeenfata, arrabni hundinuus Inni Waaqayyo akka ta'e in beeksisu.

Inni ilma badhaadhinaa akka ture yaadadhaa. Wanti inni hojjete hundinuu mana hidhaas haa ta'u bakka biraa badhaadhinatu guute. Akkasumas Inni ijoollee isaatiif waan hundumaa gaarii akka isaaniif godhu, dhukkuba keessatti haa ta'uu, mana hidhaa keessatti haa ta'uu, du'a keessatti haa ta'uu, gadda keessattis, waanuma fedhe iyyuu haa ta'uu, Inni warra isa jaallataniif gaarii akka godhu kakuu hin gallee? Inni waadaa galeera, akkasuma ta'uus qaba. Inni bakka jedhametti argamuun dirqama. Inni dubbii qolaatiin(figurative) Isa keessaan nutti dubbate. Inni fakkaattii Waaqayyoo isa mudaa hin qabne ture.

Amma, asittillee yeroo Inni deebi'ee dhufu ni argina....

61 Yooseef mul'ata isaatiin raajii isaa isa guddaadhaan biyya lafaa du'a akka oolche yaadadhaa. Osoo Yooseef jiraachuu dhaabaate silaa biyyi lafaa ni duuti turte. Utuu Yesus jiraachuudhaa silaa biyyi lafaa duuutee turte: "Waaqayyo akkasitti tokkicha ilama isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti!" Waaqayyo lubbuu oolchaa jira.

62 Akkasumatti itti fufaa deemuu dandeenya turre. Sababni isaas Inni salphumatti Daawitii wajjin kan waliitti firoomu waan tureef. Inni Musee wajjin kan walitti firoomu ture. Inni Eliyaasii wajjin kan walitti firoommii qabu ture. Innis firoommii Yoseef qaba ture. Wanti hundinuu fakkeenya kan agarsiisu ture, Kakuu Moofaa keessatti raajiidhaan kan ibsame ture, sirriitti sanaan kan walsimu ture. Inni maali? Uffata keenya moofa'aa fi xuraa'aa mana miiccaatti kenninee deemnee fudhachuu akka dandeenyuuf furii mudaa hin qabne kan agarsiisu dha. Inni dhiiga hoolichaatiin miicameera. Waan kan keenya ta'e himannee fudhachuu dandeenya. Waan Inni du'eef hundumaas, himannee fudhachuu dandeenya. Kanaafuu Inni Sagalicha mudaa hin qabne ta'ee mul'atee ture.

63 Isa dha'uunii fi akkas Isa gochuun Waaqayyo isa ogeessa bobbocaa guddaa ta'e kana in gammachiise. As Isaayaas keessatti yoo dubbifnu isa kana arganna: "Nuyi hundumti keenya homaatti isa hin lakkofne. Nuyi Fuula keenya Isa irraa garagalchine. Inni simboo miidhaginaa nama hawwatu hin qabu ture. Namni waa'ee isaa haasa'u hundi Isatti qoosa. Ani amma waa'ee Isaa kan bara kana keessan dubbachaa jira, namni hundinuu Isatti qoosaa jiru, ilaalaa. Nuti Isa ilaalleerra. Isa argineerra. Nui akka waan Waaqayyo dhai'achaa fi dhiphina Isatti fideetti Isa ilaalle." Ta'us Inni maaliif kana godhe? "Inni balleessaa keenyaaf in waraaname sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame."

Amma, sana akkasuma jechaa itti fufuu dandeenya, garuu fakkii waanan jechuu barbaadee sammuutti qabattaniittu jedheen amana—Waaqayyo hojii isaa isa guddaa deebisee ijaaraa jiraachuu.

64 Garuu jalqaba irratti yeroo cinaacha Addaam rukutetti cinaacha isaa keessaa waa akka baase dagachuu hin qabnu. Amma, rukutamuun Kiristoos sababa tokkoof ture, tarii Inni Isa irraa waan tokko fudhee, maatii Isaa, misirroo taasisuuf ture, Inni tarii misirroo isa irraa misirroo Isaaf tolchuuf Isa dha'e. Kanaafuu hojiin isaa inni guddaan yeroo fiixaan ba'etti, sana booda Isa irraa ishee baasuuf Isa rukutuu qaba ture, qaama biraa osoo hin taane, uumama kan biraa uumuu osoo hin taane, uumama tokkichuma irraa baase.

Obboleessa koo kana irratti waan hin taane hin yaadin, garuu mee daqiiqaa tokkoof yaadi. Inni Isa irraa, uumama isa jalqabaa irraa fuudhee misirroo Isaaf tolche yoo ta'e.... Inni gonkumaa uumama biraa hin uume; Inni umama jalqabaa keessaa kutaa qaamaa tokko fudhate. Egaa erga Inni Sagalee ta'ee misirrottiin maal ta'uu qabdi? Isheenis Sagalee jalqabaa (original) ta'uu qabdi, Waaqayyo jiraataa Sagalicha keessaa ta'uu qabdi.

65 Kimberley Afrikaa Kibbaattii, yeroo tokko diyaamandii ilaalaan ture, akkamitti akka lafa keessaa akka baasan ilaalaan ture. Akkasumas akkamitti akka lafarra kaa'amanii jiran... Akkasumas, to'ataan warshichaa ykn itti gaafatamaan albuudichaa namoota dhukkubsatan warra toora qabsiisuudhaan na gargaaraa turan keessaa tokko ture. Daayimandiiwwan doolaara kumaaatam dhibbatti lakkaa'amu baasan lafatti walitti tuulamanii utuu jiraniin arge; garuu ifa yommuu itti qaban illee hin calaqqisan turan. Anis to'ataa albuudaa sanaan, "Maaliif hin ifa hin calaqqisiisu?" jedheen gaafadhe.

Innis, "Gooftaa, hanga ammaatti hin muramne, kanaafi. Muramuu qabu. Erga muramanii booda,kan isaan ifa calaqqisiisan"naan jedhe. Isinis akkasuma.

Hojiin ogummaa guddaan sun muramuu qaba. Akkasumas hubadhaa, maaliif murame? Kutaa qamaa isa isa irraa ba'etu muramee? Lakki, lakki! Kutaan qaamaa inni irraa murame ba'e sun lilmoo Victrola ( 'Victrola'n maqaa diiskii gara jalqaba bara 1900 keessa sagaleen itti waraabamaa turee ti) akka ta'utti tolfame. Akkasumas, lilmoon Victrola waraabbii muuziqaa addunyaatti hin mul'annee irra kaa'ama; garuu kan akka inni mul'atu taasisu lilmoo sanadha, kan hiikkaa dhugaan Sagalichaa akka mul'atu taasisu lilmoo sana dha.

66 Jireenyi Isaa jireenya namoota hundaa wajjin walsima (match) ture. Isa dha'uun Waaqayyoon in gammachiise. Egaa ammaa, Inni maaliif Isa dha'e? Inni sababuma wal fakkaataa Addaamiin rukuteef Isas rukute.

Amma egaa, hoolaa mudaa hin qabne isa cubbamootaaf aarsaa ta'ee qalamu kana, hojii ogummaa guddaa isa mudaa hin qabne kana, nuyi immoo akka waan Waaqayyo dha'icha Isatti fidee, akka waan Inni Isa rukutee gadi Isa deebiseettis in lakkoofne.

67 Amma, gara waggaa kuma lamaatiif Waaqayyo ammas hojii ogummaa guddaa godhee Isa tolchaa jira, sababiin isaas Inni qaama wayii, gartokkee qaama Isaa kan taate haadha manaa Isaaf tolchuuf Isa dha'ee lafa cinaacha Isaa tokko Isa keessaa fuudhe. Ammas, Inni hojii ogummaa guddaa mudaa hin qabnee kana Qaraaniyoo irratti dha'ee, gar tokkee qaama Isaa Isa irraa argate. Innis Kakuu Haaraati, kanuma. Inni Kakuu Moofaa raawwateera. Amma, kun Kakuu Haaraa ti, kutaan qaamaa kan biraan raawwatamuu qaba. Ilaalaa, inni Haaraa fi inni Moofaan abbaa manaa fi haadha manaa ti, ilaalaa, inni Haaraan dhufu mul'achuun dura immoo Haaraa jiru Moofa'uu qaba. Hojiin ogummaa guddaa sun, Krisistos sana raawwachuuf dhufe. Amma immoo misirroon isaa waan Kakuu Haaraa keessa jiru hundumaa ni raawwatti. Hojiin ogummaa guddaa (masterpiece)kan biraan hojjetamaa jira.

68 Akkuma hojii ogummaa guddaa kana hojjetee xumuruuf waggaa kuma afur Isatti fudhate, hojii ogummaa guddaa kan biraa, misirroo Kiristoos, hojii ogummaa guddaa kan biraa gara waggoota kuma lamaatiif hojjechaa jira. Kana gochuu isaatiin mala hojii Isaa isa gonkumaa hin jijjiiramneen, akkaataadhuma hojii ogummaa guddaa sana hojjeteen, Sagalee isaa in hojjeta. Hojiiwwan ogummaa gurguddoo Isaa akkasitti hojjeta. Sababni isaas, hojii ogummaa guddaa isa mudaa hin qabnee ta'uu kan danda'u hojichi yoo Sagalicha mudaa hin qabne sana ta'e qofa. Xuriin kamuu, kosiin, qoricha lilmoo kamiyyuu ni darba; bantiin waaqaa fi lafti ni darbu, Sagalichi garuu yoomiyyuu hin cabsu. Yaadadhaa, diyaamandii muruuf, meeshaa mudaa hin qabne kan ittiin isa muran qabaachuu qabda malee, waanuma arganiin muramuu hin danda'u. Yeroo isaan 'grinder' gurguddoo hedduu toonii ulfaatanitti naqanii, ulfaatina toonii gurguddaa daayimandii irra yeroo adeemsisan, an argeera. Lakki, inni diyaamandii hin cabsine. Inni muramuu qaba.

69 Amma, Inni mala Isaa isa gonkumaa hin jijjiiramneen waanuma wal fakkaatu hojjechaa jira. Miilkiyaas 3 irratti akkas kan jedhu ni arganna, Inni, "Ani Waaqayyo waanan ta'eef, hin geeddaramu" jedhe. Inni mala hojii isaa jijjiiruu hin danda'u.

Amma akkuma Abrahaam keessatti jalqabe.... Hojiin ogummaa guddaa jalqabaa erga kufee booda, Abrahaam keessatti, hundee irratti, hojii ogummaa guddaa kan biraa ijaaruu jalqabe. Inni guyyaa Pheenxeqoosxeetti hojii ogummaa guddaa kan biraa ijaaruu jalqabe, jechuunis sanyii jalqabaa isa ta'e Sagalicha ijaaruu jalqabe. Inni waldaa ishee jalqabaa keessatti jalqabe. Innis maal ture? Sagalee sanyii, Sagalee ba'ee mul'ate, abdii duraan dursee kenname ture. Yo'eel keessatti, " Bara booddeetti ani hafuura koo nama hundumaa irratti nan dhangalaasa; ilmaan keessanii fi intaloonni keessan raajii in dubbatu, maanguddoonni keessanis abjuu in abjootu, dargaggoonni keessanis mul'ata in argu" jedheera. Waan Inni baroota darban keessa gochaa ture ... waggoota kuma lamaan darban kana keessatti raawwataa ture dha.

70 Hubadhaa. Inni akka isa jalqabaatti jalqabe. Akkuma Yesus jedhe, "Dubbiin Waaqayyoo sanyii namni sanyii facaasu facaase dha. Inni immoo namaicha sanyii facaasu sana ture. Sanyiichi Sagalicha ture. Hubadhaas, sanyii kophaa isaa hafe kamiyyuu gonkumaa homaa waa'ee hin baasu. Inni deebisee oomisha isaa argamsiisuuf biyyoo keessatti kufuu qaba. Sanyii kun, waldaan mudaa hin qabne sun, yeroo biyya Roomaa , Niqiyaatti waldaa jaarmiyaa amantii (denomination) taatetti biyyoo keessatti kufte.

Amma qorattoonni seenaa yaadadhaa, isini warri teeppii kana dhaga'uuf deemtanis ilaalaa, sun sirrii ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa qoradhaa bira ga'aa. Waldaan kun yeroo bakka Dubbii Waaqayyoo isa jalqabaa buufattee dogmaa fi qanoonaa (creed) fudhatte Niqiyaa, Roomitti duute. Inni maal ture? Waaqayyo Waaqayyoon ta'uu Isaa waldaa jalqabaa sanatti agarsiisee ture. Inni waldaa mudaa hin qabne qaba ture; waldattiin garuu akkuma sanyiiwwan kaan hundumaa lafatti kuftee du'uu qabdi turte. Amma, isheen biyyoo keessa buutee, duuutee, tortorteetti.

71 Ni beektu, dhi'oo kana kitaaba tokko dubbiseen ture. Namni ta'e tokko kitaaba akkas jedhu barreesse: Waaqa callisaa mata duree jedhuun barreesse. Tarii dubbistaniittu ta'a. Maqaa isaan dagadhe, Brumbach natti fakkaata.... Lakki, anoo eenyu akka barreesse maqaa isaa nan dagadhe. Garuu, yaadachuu nan danda'a. Bakkan itti qo'adhuun isa argadhe dubbise: Waaqayyo callisaa. Barreessichi, "Waaqayyo, waggoota kumaatamaa Bara Dukkanaa keessa calliseetu taa'e, yeroo wareegamtoonni amanamoo ta'an warra Roomaatiin gara boolla leencaatti darbataman, yeroo isaan gubamana harka maratee isaan ilaale; ajjeechaa nama gosa hundaa; dubartoota irraa uffata baasanii qullaa dhaabanii, rifeensa isaanii dhedheeraa sanatti ibidda qabsiisanii yommuu isaan guban, inni cal'isee isaan ilaale" jedhe.Yaadadhaa, dubartiin rifeensa gabaabsachuun jalqabaaf Roomaa keessatti jalqabe. Dubartoonni Kiristaanotaa immoo yeroo sanatti rifeensa dhedheeraa qabu turan. Kanaaf, rifeensa isaanii taarii (siichoo boba'aan irraa cuunfame) keessa cuuphanii ibidda itti qabsiisanii isaan guban, ... warra qullaatti hamisanis qallaba leencotaa taasisan. Barreessaan kun immoo "Waaqayyo sun eessa jira?" jedhe. Oo, yaa jaamummaa namaa yeroo tokko tokkoo! Sanyiin du'uu akka qabu hin beektanii! Inni saan oolchuuf gonkumaa hin yaalle. Isaan injifannoodhaan gadi bu'an! Isaan dhiigaa, du'aa lubbuu isaanii kennaa gara lafa jalaatti gadi bu'an. Maalif? Isaan sanyicha turan, inni akkuma Yohaannis 12 irratti eerametti biyyoo keessa awwaalamuu qaba ture: Iji qamadii biyyoo keessa bu'ee yoo du'uu dhaabaate, tokkichuma ta'ee hafa; yoo du'e garuu ija baay'ee in godhata. Du'uu qofa utuu hin taane tortoruu qaba. Garuu jireenyi (lubbuun) ammallee akka achi keessa jiru waldaan amantii sun waa xiqqoo illee hin beeku turte.

72 Walga'ii Niiqiyaa kan wal mormii siyaasaa dhiiga wal dhangalaasuu guyyoota kudha shaniif itti taa'an keessatti, yeroo gurguddoonni (aristocrats) dhufanii ulfina gurguddaa kana waldaa keessatti naquu barbaadanitti iyyuu waldattiin (the church) kophaa dhaabattee hafte. Raajonni lafa onaa sana keessaa baala mukaa nyaataa turanii fi gogaa bineensotaatiin marxifatanii jiraachaa turan, raajonni dhugaan yommuu gara isaanii dhufanitti alatti gadi isaan daddarbatan. Maalif? Sanyiichi biyyoo keessa bu'uu qaba. Inni du'uu qaba.

Inni Bara Dukkanaa keessatti xurii dukkanaatii gaditti gadi bu'ee du'e. Kan isaa waan raawwatame isaanitti fakkaatee ture. Qulqulluu Yohaannis 12:24 irratti waan Yesus jedhe ni beektu, Inni, "Iji qamadii

biyyoo keessa bu'ee yoo du'uu dhaabaate, tokkichuma ta'ee hafa"jedheera. Waldaan isheenjalqabaa immoo ija baay'ee godhatame sanadha , misirroon sun, sanyiin sun, Sagaleen ifatti ba'ee mul'ate sun wal ga'ii Niqiyaa, Roomaa keessatti biyyoo keessa bu'e.

73 Dhaggeeffadhaa, waldaan (church) guutummaa biyyaa keessaa kana dhaga'aa jirtan, xurii qabdu; xurichis manneen amantii ti(denomination)! Iddoon itti isaan Dubbiin Waaqayyoo fannisanii dogmaa itti fudhatan achi. waggoota dhibbaa fi dhibbaatamaan lakkaa'aman Bara Dukkanaa keessatti humni fi mul'achuun Dubbii Waaqayyoo addunyaa jalaa dhokatee ture. Kaatolikummaa qofatu bulchaa ture. Hundi keenya kana ni beekna, seenaa dubbisaan ture. Kaatolikummaa qofatu bulchaa ture.

Garuu sanyii biqilte dhoksuu hin danndeessan. Inni ol ba'uu qaba. Sababni isaas maaliif? Ogeessi bobbocaa nni guddaan sun hojii irra jira. Inni ammas deebisee ijaaruuf deema. Kanaaf Inni.... Sanyii gadi bu'ee biyyoo keessa seen, Sagalichi.

74 Qulqulluun Phaawuloos, Pheexiroos, Yaaqoob, Yohaannis, warri Sagalicha barreessan hunduu, Dubbii Waaqayyoo isaan barreessan hundinuu lubbuu godhatanii jiraatan. Inni in jiraate. Yommuu Inni bilchaachuu jalqabee boodas utuu Yohaannis ergaawwan (epistles) barreessuu jalqabuu argina. Inni odola Phaaximoos keessatti darbatamee sa'aatii digdamii afuriif zayitii danfaadhaan jiraatti affeelame. Garuu Sagalichi keessaa ba'uu qaba. Inni barreeffamuu qaba. Isaan Hafuura Qulqulluu isa keessa jiru zayitiidhaan affeeluu waan hin dandeenyeef, inni in ba'e. Hojiin isaa hin xumuramne ture. Inni du'a foonii du'e.

Poolikaarp inni duuka buutuu Yohaannis ture, Sagalicha itti fufsiise. Poolikaarp irraan immoo Ireni'estu dhufe. Irenaeus nama guddaa, nama Waaqayyoo nama Wangeela isa nuti itti amannu sanatti amanu ture, "Sagalichi bilchaateera!" Waldaan, walitti cafaqxee isa baasuuf yaalaa jirti.

75 Dhuma irratti gara Niqiyaa, Roomaatti yeroo dhuftu, qulqulluu Maartiin booda isheen biyyoo keessa seente, innis ni ajjeefame. Qulqulluun Maartiinis waanuma nuti amannu amana ture. Innis waanuma tokkichaaf dhaabbate: cuuphaa hafuura qulqulluu, cuuphaa bishaan maqaa Yesusiin cuuphamuu. Inni waanuma nuti dhaabbanuuf dhaabate, inni raajiis ture, Inni Sagalee Waaqayyoo hundumaatti amane. Dhumarrattis fannifamanii biyyoo keessatti awwaalaman, hamma tortoranittis waggoota dhibbaan lakkaa'amaniif achi keessa ciibsaman. Sanyii inni gara alaa sun, dhagni inni dulloomaan sun in bosose. An San Angelo bakka isaan itti du'anii fi bakka lafeen isaanii itti caccabsame bo'oo awwaala (catacombs) isaan hunda ilaaleera. Isaan dhumarratti hanga lafeen isaanii badutti manca'an, jireenyi (lubbuun) garuu ammalleeachi jira ture.

76 Sanyiin qamadii kan ... Yaa'ii Niiqiyaa irratti biyyoo keessatti awwaalame akkuma boqqolloo ykn qamadii kamiiyyuu Maartiin Luuter keessatti deebi'ee biqiluu jalqabe. Sanyiiwwan erga tortoranii booda jireenyi (jireenyi) isaa ni biqila. Inni Maartiin Luuter keessattis biqiluu jalqabe. Wanti inni jalqaba godhe maal ture? Waldaa amantii Kaatolikii fudhachuu didee, ishee mormee dogoggora ta'uu ishee hime; sababiin isaas, "Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata" jedheera. Inni maal ture? Jireenya (life) xiqqoo of dadhabdaa kan baala xixqqoo lama baafate ture. Innis Luteraanota ture. Inni midhaan isa biyyoo keessa awaalamee wajjin akka wal hin fakkaanne mirkanaa'aadha, garuu Jireenyi (lubbuun) amma ol ba'aa jira.

Lubbuun sun sana booda gara jirmaatti ol ce'e. Sana boodas maaltu ta'e? Bara Yohaannis Weesliitti, inni yeroo qulqullummaa as baase maal godhe? Sagalichaa wajjin hafe, isaan hoo maal godhan? Luteraanonnii gurmaa'anii jaarmiyaa tolfatan; kanaaf yeroon sun yeroo wanti tokko itti ta'uu ga'e ture. Hojiin ogummaa guddaan kun amma ijaaramaa jira. Inni maal godhe? Inni maal godhe? Waldaa Angilikaantiin mormee haaromsa keessaaan akka daraaraa (tassel) ta'ee ba'e. Inni maali? Sanyiitu gara Jireenyaatti ykn gara lubbuutti dhufaa jira, amma guddachaa jira.

77 Amma, jirmi ykn maseenni sanyii hin fakkaatu, daraaraanis sanyii hin fakkaatu.

Amma obboloonni Pheenxeqoosxee biyyoota hunda keessa jirtan, akka dhaggeeffattan nan barbaada, obboleessa koo, kana akka nama ergaa isa dhumaa lallabaa jiruuttan sitti dubbadha. Kun hojii ogummaa guddaa (masterpiece) kootiiti. Qamadiin, sanyiin qamadii biyyoo keessa awwaalamee, yeroo deebi'ee gara midhaan isa jalqabaatti deebi'ee uumamuu jalqabu ni hubattaa?

Uumama ilaalaa. Uumamni sirriitti Waaqayyoodha, Waaqayyo uumama keessatti waan danda'u hunda hojjeta. Garuu haaromsa Pheenxeqoosxee irratti akka isaan yaadanitti sanyiitu ta'e. Inni garuu sanyii hin turre. Amma akeekkadhaa! Garuu wanti sanyii fakkaatu tokko ni ba'a. Amma, waan Yesus qulqulluu Maatewos 24:24 irratti dubbate ilaalaa, hafuuronni lamaan guyyoota gara dhumaa baay'ee wal fakkaachuu irraa kan ka'e, yoo danda'ame warri fo'aman iyyuu ni gowwomfamu.

78 Amma, jirmi sun sanyii wajjin homaa wal hin fakkaatu; akkasumas daraaraan sun sanyii wajjin tasumaa wal hin fakkaatu. Garuu amma hubadhaa, bara Luuter osoo hin taane, gara gara dhumaa keessatti hubadhaa.

Wanti jalqabaa (qonnaan bultoonni qamadii as taa'anii jiru)—wanti sanyii qamadii dursee mul'atu, akkuma waan sanyii sana ta'ee isinitti fakkaata, garuu wantichi maali? Inni qola sanyii (husk) dha. Akka sanyii qabuu danda'utti waan xiqqoo wayii kara alaatiin baafata. Inni qola qamadii uuma. Qolli sanyii garuu sanyii miti, inni daraaraa ykn jirma irra waan ittiin caalu hin qabu; inni baattuu lubbuuti malee lubbuu sana miti, sanyii qamadii isa Qulqulluu Yohaannis 12 irratti dubbatame , ilaalaa, Yesustu waa'ee isaa dubbate.

79 Sanyiin qamadichaa draaraadhaan booda, Wesley booda, qola sanyii kan baafate yoo ta'u, innis warra kaan caalaa waan hundumaan sanyii qamadichaa kan fakkaatu ture. Qolli sanyii warra kaan caalaatti sanyii midhaanii fakkaata. Inni yeroo hundumaa caalaatti sanyii midhaanii fakkaataa dhufa-Isa jalqaba biyyoo keessatti awwaalame fakkaachaa dhufa. Inni yeroo jirma ta'ee ba'utti jireenya ykn lubbuu of keessaa qaba, garuu jirmichi ija midhaanii akka hin taane mirkanaa'aadha. Daraaraa ykn poolenii (pollen) ta'ee mu'ate, innis ija midhaanii miti. Sana booda immoo qola ija midhaanii ta'ee ol ni ba'a. Innis boca ija qamadii qofa, ija midhaan qamadii fakkaata; inni garuu ammas ija qamadii miti. Bocaan sirriitti, guutummaatti wal fakkaatu.

Warri Pheenxee akkuma sanyiin qamadii as ba'utti as ba'an. Tokkoon tokkoon isaanii walii walii isaanii irraa ba'u, inni tokko isa kaan irraa ni ba'a; garuu isaan hunduu baattuu sanyichaa duwwaadha malee sanyicha miti. Isaan gara waldaa amantiitti (denomination) ta'uutti deemu. Wanti warri Pheenxeqoosxee hojjetanis kanuma, isaan gara waldaa jaarmiyaa amantii ta'uutti deeman. Akkasumas warri Pheenxeqoosxee akkuma ija midhaanii yeroo ba'uu maal godhan? Isaanis akkuma Mul'ata 17 irratti ibsametti gara waldoota amantii obboleettotaa (sister denominations) tokkootti deebi'an. Sirriitti kanuma.... Innis waanuma Yesuus jedhe dha.

80 Amma ilaalaa. Wangeelli karaa Luuter, karaa Wesley gara Pheenxeqoosxeetti as dhufaa jira, guyyoota gara dhumaattis yoo danda'ame inni warra fo'aman iyyuu in gowwomsa—warra fo'ataman! Oo, yaa obboloota warra Pheenxee, hin argitanii isin?

Sanyiin qamadiin jalqabaa yeroo jalqaba ija uumamachuu jalqabutti sanyiidhuma qamadii fakkaata; inni garuu sanyii utuu hin taane qola sanyii ti. Isaanis akkuma isaan duraan warri Luuteraanii godhanitti, jaarmiyaa amantii ta'anii gurmaa'an. Mul'ata 17 irrattis waa'eedhu waldoota kanaan tokko warra ta'anii mirkaneessa.

Amma, sanyii midhaanii inni jalqaba ture Niqiyaatti awwaalame, sababiin isaas inni waldaa jaarmiyaa amatii isa jalqabaa waan tureef.

Asitti hubadhaa! Lubbuun ykn jireenyi jirma keessa, daraaraa keessas ture hundi amma ija sanyii keessatti xumurama. Lubbuun sanyii jalqabaa keessaa ba'ee, adeemsa adda addaa keessa darbee, adeemsa adda addaa sadii keessa darbee ol ba'ee, achiis hanga haala isaa isa jalqabaa ta'uutti duubatti deebi'a. Haleeluiyaa! Yaa waaqa koo! Waaqayyo kana akkan arguuf waan naaf hayyameef, an nama biyya lafaa kanarraa gammachuu qabu hundumaa irra kan caaludha!

Dubbiin Waaqayyoo fi uumamni hagam akka mudee hin qabne ... uumama kunniin wajjin akkam akka hojjetu ilaalaa.

81 Akkuma isa nuyi du'aa ka'uu mirkaneessinee ti: Ba'iinsa aduu; aduun ni lixxi, deebitees ni baati; baalli mukaa muka irraa harca'ee biyyoo keessa ... nyaata dhangala'aa ta'ee gara hiddaatti yaa'a, deebi'ee ol ba'ees baala in ta'a, baalicha ammas ol deebi'ee lafatti harca'a. Lubbuun mukichaa xuuxee ol isa deebisa, kaalsiyeemii fi pootaashiitti isa jijjiirame sana xuuxee kallattiidhaan gara baala kan biraatti ol fida, ilaalaa. Uumamni hundi, wanti hundinuu kallattiidhaan Sagalee Waaqayyoo wajjin hojjeta. Kunoo immoo baroota waldaa kanneen keessattis utuu Inni guutummaan guutuutti uumamaa wajjin hojjetuu agina. Kanaafidha Hafuurri Qulqulluun gadi bu'ee wantoota sana harkisee karaa inni qabuun nuuf tolche. Sirriitti kanuma.

82 Asitti hubadhaa. Lubbuun qola sanyii keessa ture, inni jirma keessa, daraaraa keessaa fi qola sanyii keessa ture hundi ija sanyii keessatti walitti qabama. Lubbuun jirma keessa ture ba'ee ... isa tokko keessaa ba'ee isa kaan ijaara. Qajeelummaan qulqullummaadhaaf karaa saaqe. Qulqullummaan immoo cuuphaa Hafuura Qulqulluutiif karaa saaqe. Cuuphaan Hafuura Qulqulluu immoo Hafuurri Qulqulluu mataan isaa guutummaatti akka gadi bu'uuf, ammas gara Sagalichaatti deebi'ee akka of mul'isuuf karaa saaqe.

Wanti gurmaa'ee jaarmiyaa ta'u garuu ni du'a. Akkuma isa lubbuun (life)Luuter, Wesley uumuuf deemee ti. Wesley irraas gara Pheenxeqoosxeetti darbe. Akkasumas Pheenxeqoosxee irraa kaasee immoo sanyii isa jalqabaa uumuuf deema. Akkasitti itti fufuun.... Hanga yeroo sanaatti warri Pheenxeqoosxee Wesley keessaa ba'an. Sababni Pheenxeqoosxeen Wesley keessaa ba'aniifis isaan ofii waldaa amantii hin turre waan ta'eefi—Warri Pheenxeqoostee jalqabaa akkas turan. Sana booda Pheenxeqoosxee waldaa amantii (denominated) taatee gurmoofte. Innis maal godhe? Gara gara qola sanyiitti geeddarame. Inni waan dhugaa fakkaata ture.

83 Akkasumas nama kamiyyuu....

Mee namni yeroo sanyii qamadii tokko gara ija qamadiitti guddachuu jalqabu argee beeku nama meeqa? Wanti xiqqoon jalqaba mul'atu maali? Innis sirriitti akkuma sanyii sanaa ti, garuu inni qola isaati. Sadarkaa sadan argitanii? Jirma, dararaa ykn bullaa dararaa (pollen), sana booda qola sanyii. Sana booda, qola sanyii keessaa sanyii inni jalqabaa (original) ni ba'a. Inni sanyii osoo hin taane, lubbuu gara sanyiitti dhufuuf isa keessaan guddachaa ture dha. Ameen, ameen! Argitanii? Innis maali? Du'aa ka'uu dha. Ammas gara hojii ogummaa guddaa tokkootti, akka isa jalqaba biyyoo keessa awwaalameetti sanaatti deebi'uu dha.

Pheenxeqoosxeen Wesley keessaa ba'e, sababiin isaas Wesleyiin dhaabbata ta'e. Pheenxeqoosxeen akka jaarmiyaa hin ta'initti isaan keessaa ba'anii booda gara jaarmiyaa biraatti garagalan. Qolli sanyii sun uumamuu waan qabuuf akkas ta'an. Sagaleen jireenyaa inni dhugaan karaa isaa qabatee deemaa ture sana booda sadarkaalee kanneen keessa darbee gara ija midhaanii isa jalqabaatti dhufe, sadarkaaleen kunneenis: jirma keessa darbee, achiis gara bulla daraaraatti; bulla daraaraa keessaanis qola sanyiitti; qola sanyii irraa irraas gara sanyii ta'uutti dhufe.

84 Lakki ... jirma, bulla daraaraa, qola sanyii ti!

Lubbuu qabeeyyii (living) turan, isaan haaromsa isaanii isa jalqabaa keessatti ija midhaanii lubbuu qabu hamma tokko godhatanii turan; garuu yeroo isaan gurmaa'anitti lubbuun isaan keessaa ba'e. Sun seenaa hundumaan mirkanaa'ee jira. Dhaabbanni tokko erga gurmaa'ee booda gonkumaa waan tokko hojjetee hin beeku. Inni du'eera. Kun sirriidha.

Ilaalaa, jireenyi ykn lubbuun (life) amma itti fufee jira. Inni itti fufaa jira.

Qalbeeffadhaa. Wanti isaan hojjetan, wantootni hojjetaman hunduu, seenaan kan mirkaneessu sirriitti karaa waldaan itti dhufte, isheen gonkumaa lammata akka Isaaf faayidaa hin qabnes seenaan dogoggora tokko malee mirkaneesseera. Jaarmiyaan sheelfii (shelf) irra kaa'ameera. Seenaa waldaa kiristaanaa hundumaa keessatti isheen erga gurmooftee booda ni duute malee jiraattee hin beektu. Dhaabbatichis erga du'ee gonkumaa lammata ka'ee hin beeku. Isin isa arguu hin dandeessanii? Namoonni jaamaan ija keessan banadhaa! Uumamaa fi Sagaleen Waaqayyoo wal ta'iinsaan kun dhugaan akka ta'e, dhugaa ta'uu isaa asitti sirriitti mirkaneessaa jiru: Lubbuun sun bulla daraaraa tolchuuf jirma akka gadi dhiisu; bulla daraaraa irraa qola sanyii akka tolchu; akkasumas qola sanyii irraa ammas gara sanyii isa jalqabaatti akka seenu mirkaneessaa jira.

Qalbeeffadhaa, kana booda gonkumaa Isaaf faayidaa akka hin qabne hubadhaa.

85 Lubbuun kun adeemsa isaa keessatti muka keessa adeemuu caalaa isa inni biqilaa muka qamadii keessa adeemutu akka gaariitti hubatama. Waaqayyo saba isaa akka mukaatti waame, ilaalaa. Lubbuun muka keessa lafatti gadi bu'ee ammas ol deebi'a, gadi bu'ee ammas ol deebi'a, ilaalaa. Inni gad bu'ee ol deebi'a. Biqilaa muka qamadii keessatti garuu jirma isa jalqabaa irraa jirmaa, bulla daraaraa fi qola sanyii keessam ol ba'a; wanti lubbuun keessa darbes ni du'a waan ta'eef lubbuun deebi'ee isa keessa darbuu hin danda'u. Inni maali? Inni kana booda faayidaa hin qabu. Inni gara fiixaan ba'iinsa isaatti itti fufa. Ameen! Isin maaliif akka Inni jaarmiyaa tokkotti iyyuu fayyadamee hin beekne hin argitan? Inni deebi'ee achi keessatti argamuu hin danda'u. Inni du'eera! Lubbuun ykn jireenyi garuu isa tokko irraa gara isa kaaniitti darba, ilaalaa. Isaan qanoonaa (creed) fuudhanii isatti dabaluudhaan.... "Eenyu illee jecha tokko yoo Isatti dabale ykn jecha tokko yoo Isa irraa hir'ise...." Argitanii? Inni isa irraa ugguramee jira. Inni lubbuu sanyii imalarra jiru ta'uu qaba.

86 Ani amma isa kana fakkeenya misirrottii, fakkeenya hojii ogummaa guddaa as ba'uuf jirtuutiifan fayyadamaa jira. Akkuma hojiin ogummaa guddaa sun kufeteen hojiin ogummaa guddaa kan biraan ka'aa jirti. Hojiin ogummaa guddaa sun biyya Roomaa magaalaa Niqiyaatti kufte. Roomaa, Niqiyaadhaan booda isheen adeemsa keessa darbitee dhufte; garuu isheen ammas gara hojii ogummaa guddaa sanaatti deebi'aa jirti, fiixaan ba'aa jirti, sababiin isaas isheen dhagna Sagalichaa isa Isaan dubbatamee turee waan taateef. Inni waldaa xurii fi dirmammuu hin qabne ni qabaata. Isheen karaa kamiinuu dhaabbata gosa kamiinuu wajjin ykn waldaa dhaabbata (denomination) amatii tokkoo (wanta abaaramaa) wajjin karaa kamiinuu hin hidhata hin qabaattu. Isheen wantoota sana keessa darbee jirti, gonkumaa garuu achitti hin deebitu.

87 Hubadhaa. Sanyichi ol guddataa jira. Lubbuun sun ol guddataa jira malee duubatti hin deebi'u. Kana booda du'aa ka'uun hin jiru. Jireenyi ykn lubbuun gara fiixaan ba'iinsa isaatti dhufaa jira, du'aa ka'uu isa dhumaa ti.

Hubadhaa, qolli sanyii sun of keessaa baasee.... Hubadhaa, qolli sanyii sanyii isa jalqabaa of keessaa baase. Mul'ata boqonnaa 3ffaa keessatti kana arganna.

Amma yaadadhaa, Macaafa Qulqulluu keessatti, baroota waldaa keessatti waldaan Inni keessaa dhiibamee baafame tokko malee hin jiru. Isa kana nama meeqatu yaadata? Inni waan biraa itti fufee hojjechuuf bara waldaa keessa darbe. Innis kunoo kana dha. Wanti biraa miti, garuu ogeessi bobbocaa

sun ammas gara fiixaan ba'iinsaatti, gara Sagalichaatti deebi'eera, ilaalaa. Inni duubatti hin deebi'u. Garaagarummaa inni qabu baay'ee addda. Eeyyee!

88 Oo, hubadhaa mee. Sana booda, qolli sanyii yeroo ba'u ijuma midhaanii fakkaata. Garuu lubbuun ija midhaanii ija midhaanii kan taate misirrottii uumuuf qola sanyii gadi dhiisuu yeroo jalqabutti, qolli sanyii sun banamee ija midhaanii sana bakkeetti baasa (excommunicate). Uumama keessatti sun sirriidhaa? Wanti isheen sirriitti goote isa kana.

Mul'ata boqonnaa 3 keessatti Barri Waldaa La'odiqeyaa alatti gadi Isa baasuu ishee argina. Amma ilaalaa, bara kaan keessatti kun hin taane, sababiin isaas wanti biraa ammallee hojjetamuu qabu waan jiruuf. Inni akkasumaan isa keessa darbee gara kan biraatti ce'e. An yeroo hundumaa isinitti himeera, kana booda waldaan amantii (denomination) uumamu hin jiru. Nuti humarra jirra. Isaanis gad Isa baasu, sababni isaas maaliif? Inni deebi'ee Sagalee ta'e. Inni akka isa achitti gadi bu'ee ti. Inni barsiisa jalqabaa irraa kaasee ba'e sanaa wajjin tokko.

Sagaleen sanyii ta'e yeroo biqiluu jalqabu immoo, qolli sanyii ofirraa isa buusa. Lubbuun immoo warra kaan hunda dhiisee isa duukaa bu'a; sun immoo amantoota dhugaati, isaanlubbicha ykn jireenyicha duukaa bu'u, bakka jireenyi deemu hundumatti isa duukaa bu'u.

89 Akkuma isa Israa'el keessaati, dhibbaa dhibbatti wal fakkaata. Osoo yeroo qabaanne.... Daqiiqaa muraasa qofatu na hafe. Garuu jalqabatti kan ture fakkeenya wal fakkaataa akkasii ture, bakka utubaa ibiddaa sun deemu hundumaatti jireenyatu ture; Waaqayyo ifa sana ture. Yeroon sun halkan walakkaa haa ta'uu yookis bakka gaarii filatame keessas haa jiaaranii, yeroo utubaa ibiddaa sun adeemutti malakanni ni afuufama Israa'eloonnis isa waliin adeemu turan. Haleeluiyaa! Yeroo malakanni sun afuufametti Maartiin Luuter isa wajjin ba'e. Innis gurmaa'ee ... du'e. Inni ofii isaatii du'e miti, warra isa booda jirantu du'e. Achiis Waaqayyo jireenyicha isa keessaa baasee, fuudhee, awwaala keessa awwaale.

Sana booda Wesleyiin ba'ee dhufe. Dhaabbata guddaa sana waan argeef malakata qulqullummaa, caalaatti Dubbii Waaqayyoo dhageessise. Argitanii? Yeroo inni kana godhus, ba'anii deeman, Luuter keessaa ba'anii gara Meetodistiitti nam'an.

Warri Pheenxeqoostes yommuu isa argan malakata dhageessisan. Yeroon kun yeroo kennaawwan hafuuraa itti deebi'an ture. Maal akka isaan godhan argitanii? Isaan malakata afuufanii isaan keessaa ba'an; sana boodas in gurmaa'an. Garuu yaadadhaa. Qola sanyii booda, sadarkaalee sadan nuti beeknu booda, ija midhaanii malee wanti biraa hin hafu. Yaa Waaqayyo! Sana booda iji midhaanii sun hunda isaanii ofirraa baasa. Ameen, ameen! Sanyichi, Sagalichi of uumuu jalqaba, jireenyi immoo isa keessaa ba'uudhaan....

Amma hubadhaa. Yoo dhirsi misirroo inni jalqabaa, dhirsi misirroon inni jalqabaa.... Inni kun isa misirroon biltee guddataa jirtudha.

90 Yaadadhaa, waldaan guyyaa Pheenxeqoosxeetti jalqabdee, guyyaa Niqiyaatti kufte. Isheen akka sanyii isa dhugaatti hin biqilleBiqile, lakki; jireenyicha keessaa muraasa ishee keessa ture, garuu jaarmiyaa uumuuf jettee biqilte. Innis dhaabbata sana keessaa dhiibame. Inni sana booda maal godhe? Sana booda jaarmiyaa sana irraa gara jaarmiyaa biraatti seene, inni gara sadarkaa Dubbichaa kan biraatti seene: Qajeelummaa, qulqullummaa, cuuphamuu Hafuura Qulqulluu, ilaalaa. Akkasumas akkuma jirmaa fi adeemsa kana keessa darbaa deemeen gara isa caaluutti dhufuu itti fufe.

Yaadadhaa, bullaan daraaraa xiqqoon sun kaan ni caala ture—bullaan daraaraa jirma caalaa sanyii fakkaata. Qolli sanyii immoo bulla daraaraa caalaatti sanyii fakkaata. Garuu sanyii mataan isaa sana bira darba, ilaalaa. Inni kaneen kana hundumaa akka geejjibaaf itti fayyadamee keessa darbe.

91 Hubadhaa. Misirroon.... Misirroon jalqaba irratti Sagalicha yoo taate—dhiifama, dhirsi misirroo jalqabatti Sagalicha yoo ta'e; misirroottiin immoo dhirsa misirroo irraa baate yoo ta'e, isheenis Sagalicha ta'uu qabdi.

Hubadhaa. Misirroon akkas ta'uu qabdi.... Maaliif? Dhirsi misirroo maaliif Sagalicha bakkeetti ba'ee, ifatti ba'ee mul'ate ta'uu qabda? Sababiin isaa misirrottii fi dhirsi misirroo tokko waan ta'aniif; isheen Isa irraa kan rukutamtee baate dha. Hojiin ogummaa guddaan hojjetametu jira. Inni rukutames isa.

Maayikeel Anjeloos sana deebisee baay'isuu hin dandeenye; iddootti isa deebisuu hin dandeenye. Garuu Waaqayyo iddootti deebisuudhaaf deema. Inni misirroo dha'amte kana gara cinaacha Sagalichaa isa jalqabaatti deebisuuf jira. Inni kuunnoo achi jira; hojiin ogummaa guddaan hojjetame sun, maatiin sun ammas deebi'anii iddoo dhaabaa Eden keessa ni jiraatu.

92 Misirroon kun akkamitti kana gochuuf deemti? Sanyiin qamadii kun akkamitti kana gochuuf deema? Miilkiyaas 4 keessatti, bara dhumaa jala isheen iddootti in deebitfamti jedhee dubbateera. Maal? Akka isa jalqabaatti in deebiti, bakka duraan turtetti in geeffamti. " Isa gurmuun hawaannisaa, ilmaan hawaannisaa, geeriin hawaannisaa, qorophisii fi loltoonni jajjaboonni ani isinitti erge sun dur isin duraa

fixan, amma iddootti isiniif nan deebisa." Miilkiyaas 4 keessatti garaa namootaa, amantii namootaas deebisee gara kan abbootii jalqabaatti nan deebisa jedheera. Yaa waldaa, kun utuu ija keenya duratti sirriitti raawwatuu argina. Nuyi gara kam jirra?

93 Amma, daqiiqaa muraasa booda gara xumaraattan dhufa. Waan reefuudhuma raawwatame tokko dhugaatti itti dhi'eenyaan akka hubattanin barbaada.

Miilkiyaas 4 iddootti deebisuu dha, gara isa jalqabaatti deebisuudha. Isheen waldaa irraa ni dha'amti —qaama waldaa irraa ni dha'amti, kaayyoo tokkoof, isheenis Sagalicha waan taateef gooftaa (master) isheetiin ni rukutamti, akkuma Yoseef obboloota isaatiin dhaaname isheenis waldaadhaan in dhaanamti, sababni isaas Yoosifis Sagalicha ture. Yesus Sagalicha wan tureef obboloota isaatiin reebame. Waldattiin ni dhaanamti—misirrottiin waldaa irraa ni rukutamti, sababni isaas isheen Sagalee waan taateef. Ammas sadarkaaleen isin keessa darbuuf jirtan jiru: tokko, lama, sadii. Argitanii? Sirriitti jira.

94 Isheen Sagalicha, isheen jiraattuu fi jireenya gochaan kan agarsiiftu misirroo Macaafa Qulqulluu ti, malee misirroo namn-tolchee wayii miti, isheen misirroo Macaafa Qulqulluu Waaqayyoon rukutamtee fi dhiphifamtee ti. Isheen simboo bareedinaa ija keenya hawwatu tokkollee hin qabdu, garuu akka waan Waaqayyo dha'icha isheetti fidee, akka waan Inni ishee dhiphiseettis ishee ilaalle. Kun Sirriidha. Isheen kophaa ishee dhaabbattee jirti. Akka Mul'ata boqannaa 3tti, isheen waldaa amantii hundumaa irraa rukutamtee jirti. Isheen bara waldaa Laa'odiiqeyaatti waldaaa keessatti guddatte keessaa rukutamtee baafamti, ilaalaa.

Waldaan kun bara waldaa Laodiqiyaa keessa kaate. Sun qola sanyii ti. Garuu yoo isaan kaan deeman.... Isin namoonni Pheenxeqoosxee sana arguu hin dandeessanii? Erga isaan kaan qola sanyii ta'an du'aniiru ta'an, erga jirmi biraan du'eera ta'ee, erga bullaan daraaraa du'eera ta'ee, akkasuma qolli sanyiis du'uu qaba. Innis sadarkaalee gurmaa'inaa sadani.

Akkasumas ati yaadadhu ... ati, "Tole egaa amma, bulla daraaran baay'een amma iyyuu amanaa jiru; isaan akkasii baay'eedha" jette. Eeyyee! Meetodistii, Baaptisitii, Pirisbiteriyaan, Luteraanii, Waldaa Kiristoos, wantootni xixiqqoo biroo kanneen isarra bu'an hunduu, baalaa fi wanti biroon hunduus amma iyyuu ni amanu; garuu inni jalqabaa haaromsa ture. Amma, argitanii?

95 95Kophaa isaa dhaabata, akkuma misirroo namoota biratti gatame, waldoota irraa tuffatamee fi gatame. Misirroon akkasitti dhaabbatti. Maali? Hojii guddaa isaati, ilaalaa. Innis Dubbii Inni ittiin hojjechuu danda'u mul'isuu-diduudha.

Kanaafuu, citaan, tassel fi husk gonkumaa sanyii hin ta'an, lakki, garuu yeroo hundumaa caalaatti sanyii fakkaachaa jiru. Amma, yeroo sassaabbii sanyii gara jireenya isaa isa jalqabaatti deebi'eera, gara Macaafa Qulqulluutti deebi'eera. Miilkiyaas 4 akkasitti akka fidamu dubbateera. Yaa yaa koo!

Hundaa qabaachuu qaba.... Akkasitti ta'uuf Dubbicha hunda qabaachuu qaba. Sirriidhaa?

96 Amma, Inni waa'ee wanta raawwatamuuf jiru Mul'ata 10 irratti maal jedhe? Imalli gara Tucsonitti godhame maaliif ture? Waldaa kiristanaaniitiif banuuf ... bara ergaa ergamaa (messenger) torbaffaatti(ergaa ergamaa (angel) torbaffaatti) guutummaan Dubbiin Waaqayyoo bakkeetti baafamee in mul'ifama jedhamee ture. Mallattoon qolli sanyii sun dhiise hundii fi maaliif akka dhiise, waa'een isaa hundi yeroo kana keessatti akka mul'atu dubbate. Kun waan Dubbiin Waaqayyoo jedhedhaa? Yoos isa ni argina. Yoos eessa jirra ree? Argitanii? Nuyi eessa jirra? Wanti tokko qofaatu hafe, sassaabbii midhaanii ti. Isheen sirriitti bilchaattee jirti. Isheen amma dhufaatiif qophoofteetti.

Hubadhaa.

97 Lakki, gonkumaa hin ta'u. Yeroo sassaabbiitti sanyii haala jalqabaa isaatti deebi'a, sanyii ta'uufis Dubbicha hundumaa qabaachuu qaba. Amma walakkaa ija sanyii qabaachuu hin dandeessan; inni biqilee guddachuu hin danda'u. Inni Sanyii guutuu ta'uu qaba. "Cuuphaa Hafuura Qulqulluutti nan amana. Haleeluiyaa! Afaan biraa dubbachuutti nan amana" jechuu duwwaadhaan inni bakkeetti ba'ee mul'achuu hin danda'u. Sun gar tokkee qaama sanyichaa qofa. Amma garuu, sanatti waan dabalametu jira. Haleeluiyaa! Ilaalaa, inni itti dabalames jireenyicha (the life), jireenya kennawwanii ti malee kennawaan miti, ilaalaa. Maal jechuu akkan barbaade hubattanii? Obboloota ko, nuyi yeroo dhumaa irra jirra.

Jirmi ykn hoffaan, daraaraan, qolli sanyiis amma du'anii goganiiru. Wanti isaan irratti ta'uuf jiru waan tokko qofaadha, innis gubachuudhaaf Mana Maree Waldoota Addunyaatti walitti qabamuudha.

98 Akkuma Inni Luqaas 17, Miilkiyaas 4, iddoo hundumaatti abdachiisetti Sagalichi foon uffateera, ilaalaa. Sun sirriidha. Mul'ata....

Jireenyi (lubbuun) dhugaan inni jirma, daraaraa fi qola sanyii keessa ture hundi amma sanyii keessatti walitti qabamaa jira, du'aa ka'uuf qophaa'ee jira, midhaanni sassaabuuf qophaa'ee jira. Inni Alfaan Omegaa ta'eera. Inni jalqabaa isa dhumaa ta'a; inni dhumaa immoo isa jalqabaa ta'a. Sanyii inni biyyoo

keessa awwaalame adeemsa keessa darbee deebi'ee sanyii ta'eera. Sanyii iddoo dhaabaa Eeden keessatti kufee achitti du'e, deebi'ee dhufa (sanyii mudaa qabu isa achitti du'e irraa)—gara sanyii mudaa hin qabneetti deebi'a—gara Addaam isa lammaffaatti deebi'a.

99 Hewaan isheen jalqabaa kuftee haaromsa lammaffaa—dhufaatii lammaffaa keessatti itti fayyadamamte, akka mucaa deessutti ammas misirroo dhugaa, sanyii taatee sirriitti Sagalee jalqabaa wajjin deebiteetti. Alfaa fi Omegaan tokkuma. Innis "Ani Alfaa fi Omeega dha" jedhe. Inni waa'ee waan isaan lamaan gidduu jiranii gonkumaa dubbatee hin beeku. "Ani Alfaa fi Omeegaa, isa jalqabaa fi isa dhumaa dha." Eeyyee, gooftaa!

Tajaajilli (ministry) inni jalqabaa fi tajaajilli inni dhumaa tokkuma. Ergaan jalqabaa fi ergaan lammaffaan—ergaan dhumaa waanuma tokkicha. "Ani Alfaa keessan ture; Ani amma Omegaa keessan jira." "Guyyaan biraa tokko in ta'a, gaafas yeroo galgalaa'u ifatu ta'a malee, guyyaan hin ta'u, halkanis hin ta'u,"ilaalaa. Alfaa fi Omeegaa; inni isa jalqabaa fi isa dhumaa ta'eera. Oo,yaa obboloota koo, sana irratti sa'aatii dheeraa turuu dandeenya turre.

100 Hojii ogummaa guddaa maatii tokkoo, Addaam inni lammaffaa fi Hewaan isheen lammaffaan amma iddoo dhaabaa biqiltuu sanaaf qophaa'aaniiru , bar-kumeedhaaf qophaa'aniiru. Ameen! Lafurra deebi'anii in jiraatu. Haleeluiyaa! Ogeessi bobbocaa guddaan sun achitti gatee isaan hin dhiifne. Inni akkuma waggoota miliyoonaan lakkaa'aman keessatti hiriyoottan gaa'elaa mudaa hin qabne warra jalqabaa bocuutti yeroo fudhatetti isaan kana bocuufis yeroo dheeraa Isatti fudhate. Isaanis ni kufan. Amma waggoota kumaatamaan lakkaa'aman keessa darbeeraniiru; ammas bocamanii jiru; amma immoo, isaan kunoo qophaa'aniiru.

Hojiin ogummaa guddaa hojjetame sun dhufee dha'ame—cinaacha isaa irraas gargaartuun isaa baafamte. Isheen immoo adeemsuma wal fakkaatuun guddatteetti. Amma, gara kunoo uumama ishee hundumaatti, gara Macaafa Qulqulluu fi gara waan hundumaatti deebitee, kunoo as akka jirru agarsiifteetti.

Biyyoonni gargar cabaa jiru; Israa'el dammaqaa jirti,

Mallattoowwan Macaafni Qulqulluun dursee dubbate;

Barri Ormootaa xumurameera,

(Gurmuu waan hin taanee nuyi qabdu kana ilaalaa!)

Ba'aan ulfaataa ulfaataa ta'eera,

Yaa warra faffaca'aa tanii gara saba keessaniitti deebi'aa.

Sirriidha. Yoo itti deebi'aa jirtu taatana yoo ariifattanii deemtan isiniif wayya. (Gara daqiiqaa shanii ykn kudhanii keessatti xumuruufan yaala.)

101 Hojii ogummaa guddaa maatii tokkoo hubadhaa. Abbaan manaa fi haati manaa tokko yoo ta'an malee dhuguma maatii ta'uu hin danda'an. Isaan tokko ta'uu qabu. Isaan yoo tokko hin taane maatii gaarii hin ta'an—haati manaa gara tokkotti isa harkifi, abbaan manaa immoo gara biraa ishee harkisaa. Sun immoo maatii jireenya suukaneessaa jiraatu isaan taasisa. Garuu waliigalteedhaan, walii walii isaanii jaallachuudhaan yoo jiraatan, sun maatii tokko isaan taasisa. Ammas, sun hojii ogummaa guddaa isa kan Waaqayyoo ture; maatii dhugaan asitti argamtan hunduu immoo agarsiiftuu kanaa ti. Amma immoo maatiin hojii ogummaa guddaadhaan bocaman deebi'anii dhufaniiru—Kiristoos fi misirroon isaa dhufuuf qophaa'aniiru. Addaam inni lammaffaa fi Hewaan ishee lammaffaan gara mana isaaniitti deebi'uuf amma qophaa'aniiru. Guutummaan suurichaas (the whole picture) immoo furii ta'ee jira, bakka jiru irraa bakka duraatti deebissanii fiduu ta'eera. Argitanii? Sirriitti malee. Ammas iddootti deebisaa jira.

Sana booda....

102 Guyyaa tokko as gubbaa kanatti, warra Kiristiyaan Biizinesmeen bira yeroon turtti, baay'een keessan achi turtan jedheen yaada. Lubni Luteraanii (ykn lallabaan, ta'uu qaba jedhamee yaadame) achi ol ka'ee waan qoosaa sana dubbachuu isaa fi waan nuti itti amannutti qoosuu isaa yeroon dhaga'u.... Warra 'Full Gospel Businessmen' tu achitti isa afeeree ture. Akkas jedhee immoo ... inni koola wayyaa isaa garagalchee uffate (kana jechuun amantii jijjiirrate jechuu dha). Isaan keessaa baay'een isaanii amma akkas godhu. Innis, "Amma, namoonni maaliif akkan amantii koo geeddaradhu na gaafatu" jedhe. "Akkamitti luba Kaatolikii irraa fuudhanii sitti himu" jedhe. Innis "Garaagarummaan hin jiru, jiraachuus hin qabu" jedhe. Innis, "Hundi keenya ijoollee Waaqayyooti" jedhe, "Luba Kaatolikii yeroo tokkotti iddoo hundatti argamuu danda'u nan beeka, ilaalaa, kan bakka hundumaatti argamu danda'u (Omni present)."

103 Amma, isa waan hundumaa beeku (omniscient) utuu hin ta'in isa iddoo hundumaa jiraatu (omnipresent) ta'uu hin dandeessu. Waaqayyo iyyuu iddoo hundumaatti kan argamu miti; Waaqayyoo waan hundumaa kan beeku dha. Waan hundumaa beekuu Isaatu iddoo hundumaatti kan argamu Isa

taasisa (Inni wantoota hundumaa beeka). Garuu uumama tokko (a being) ta'uudhaaf Inni wanta tokko keessa jiraachuu qaba. Garuu waan hundumaa kan beeku ta'uu Isaatiin iddoo hundumaa jiraachuu danda'a, sababiin isaas Inni waan hundumaa waan beekuuf. Inni utuu…dura isa beeka, Inni utuu biyyi lafaa hin uumamin dura tafkiin meeqa, injiraanni meeqa, ilbiisonni meeqaa akka jiranii fi si'a meeqa akka ija isaanii libsatanii wajjin isaan beeka (argitanii?), sababiin isaas Inni iddoo hundumaa jira waan ta'eef. Atis hundumaa kan beeku ta'uu hin dandeessu—kan dhuma hin qabne utuu hin ta'in immoo kan hundumaa beeku ta'uu hin dandeessu. Kan dhuma hin qabne immoo waan tokko qofaatu jira. Innis Waaqayyo dha. Ameen!

Sana booda nuti….

104 Inni maali? Innis isa seexanni, kallattiidhaan gara mana qalmaatti isaan oofaa jirudha, akkauma mMacaafni Qulqulluun jedhe tokkoon tokkoon isaanii manitti ol naqaa jira. Kunoo immoo argaa jirra. Ilaalaa, sirriitti warra Pheenxeqoosxee gidduu seenanii kallattiidhaan gara sanatti isaan dhiibaa jiru, akkuma.... Maal yeroon akkasii!

Oo, dhuga ba'umsa sana booda namni tokko akkas naan jedhe, ani ... waan gaarii ta'e tokko kanan akka gaariittti hin dubbannetu jira, sababiin isaas isaan tarii mana hidhaa na galchuu hin oolan jedhee waanan yaadeef jedhe; ani immoo"Sun sirrii dha" jedheen yaade. Namoonni baratan, ni beeku. Daani'el keessatti, "Warro ogeeyyiin guyyaa sana in hubatu" jedheera. Eeyyee gooftaa! Argitanii? Warri Ogeeyyiin Waaqayyo isaanii ni beeku; isaan wantoota kana ilaalaa jiru.

Garuu sun akkas ta'uu yeroon argutti, warri Pheenxeqoosxee isa waliin achi dhaabbatanii jiru. Oral Roberts illee akkasitti gara koo ilaale. Anis, "Yaa Waaqa koo!" jedhe. Ihim!

Garuu achi dhaabataa kan turan namoota baratan, namoota qaramanii fi kkf turan, ni beektu. Waaqayyo warra kan Isaa akkasitti qara miti. Inni warra kan Isaa ta'an barnootaan hin qaru; Inni gad of deebisuu fi humna nama keessaan mul'achuu Sagalichaatiin isaan qara, isaan boca midhaan isa irraa uumamanii fakkaachuutti qaramu.

105 Amma, namni tokko isaan keessaa, "Obboleessa koo Biraanhaam, waa'ee kee wanti ani hubachuu hin dandeenye tokko jira" naan jedhe.

Anis, "Maal inni?" jedheen gaafadhe.

Galma tokko keessa achi ala dhaabadhee ... Obboleettii keenya Dauch fi isaan kaam, Biilii fi namoota achi dhaabatanii jiran erga harka fuudhee nagaa gaafadhee booda namoota utuu namoota baay'ee wajjin achi dhaabannee jirruu, tajaajilaan tokko moggaa irraa dhiibbatee as ba'ee, koolarii isaa naanneffataa, "Ati maaliif yeroo hundumaa namoota dheekkamaa oolta?" naan jedhe. Innis, "Namoonni ati garbicha Waaqayyoo ta'uu kee, isaanitti nama gaarii fi mi'aawaa akka taatetti si amanu" Jedhee, "Yeroon ol ka'uu kee argu hundatti, dubartoota waa'ee rifeensa gabaabaa qabaachuu isaanii fi waa'ee uffata gabaabaa uffachuu isaanii, waa'ee meekaappii dibachuu isaanii, wantoota biroo kana hundaaf isaanitti dheekkamta, akkasumas namootaan hammam akka qabbanaa'oo, sirna qabeessaa fi waan addaa tokko akka ta'aniif isaanitti himaa jirta" Jedhe. Itti fufees, "Ati maaliif akkas goota?" naan Jedhe, "Namoonni sunsi jaallatu. Akkamitti ilma Waaqayyoo isa jaalala qabeessa taatee wanta akkasii raawwachuu dandeessa?" naan jedhe.

Anis, "Gooftaa, mee nama qaroo kanaaf deebii haa kennu. (Ilaa.) Deebii akka inni funyoo ofii isaatii hidheen of fannisu akkan deebisuufiis naaf hayyami" jedheen yaada kootti. Anis, "Tolee...." jedheen, "Obbo, waa'ee qideessaa muuziqaa guddaa sanaa dhageessee beektaa—waa'ee qideessaa beekamaa Beethoven jedhamu dubbistee beektaa" jedheen gaafdhe.

Innis, "Oo, mirkanaa'aadha, waa'ee Beethoven dubbiseera" jedhe.

Anis, "Inni tarii waraqaa cicciree qodaa balfaa guutuu nama walitti qabe ta'ee hin oolu, garuu hojiiwwan ogummaa gurguddoo addunyaaf gumaacheera" jedheen deebiseef. Inni afaan isaa saaqqatee kan biraa hin dubbanne. Anis, "Inn yeroo kaka'umsa hafuuraa jalatti kutaa qo'annoo isaa keessa taa'u waan tokko barreessa ture. Qo'annoo isaa keessa seenee taphata ture. wanti inni taphatus sirrii ta'uu dida, waraqaa irraa taphatu sana cicciree balfa keessatti darbata ture. Yeroo Inni kaka'umsa hafuuraa hundumaa keessa darbetti garuu addunyaan hojii ogummaa guddaa qabdi turte" jedheen itti hime. Oo, Dubbiin Waaqayyoo attam kukkuta, garuu hojiiwwan ogummaa guddaa qaban ni oomisha, qola sanyii fi cidii hunda irraa qulleessee, hojiiwwan ogummaa guddaa in qopheessa.

106 Daqiiqaa torba waanan qabuuf yeroodhaan akka baanutti sana keessattin waan kaleessa malee dheengadda ta'e tokko isinitti hima. Adoolessa gaafa sadii asuma giduu galeessa fuula kana dura jiru, giddu galeessa gabaa asuma dhi'oo jiru kana keessan taa'an ture. Isa dura Pig Alley Roomaa ... Faransaayi, akkasumas New York City , Los Angeles keessan ture; garuu tuuta dubartootaa xuraa'oo an jireenya koo keessatti arge warra Jeffersonville, Indiana ti. Jireenya koo keessatti dubartoota gadhooftuu fi xurooftuu akka isaanii namoota gidduutti argee hin beeku. Achi taa'ees hanga onneen koo na

dhukkubuuttin ga'e, utuman achi taa'uu Gooftaan immoo mul'ata naaf kenne. Amma, mul'ata sanan isinitti himuuf deema. Mul'aticha hiikuu danda'u koo hin beeku, garuu yeroo jalqabaatiif mul'ata sana himuufan deema.

107 Ani achumattin of wallaale. Yeroon of wallaalettis namni tokko na bira ture. An nama sana hin argine. Sagalee isaa qofan dhaga'a ture. Anis nan ilaale. Akkuman kanaan kanaa ilaaleen, "Misirroon agarsiisa duraatiif as baati " naan jedhe. Itti fufees, gara kootti warra as deemaa jiran yommuun ilaalu, tuuta dubartoota akka malee akka isaanii bareedan kanan takkaa ijaan hin argine uffata qulqulluu uffatanii jiranin arge. Bifti tokkoon tokkoon isaanii walfakkaata, uffanni isaanii gauu adda adda. Hundi isaanii rifeensa dhedheeraa kan qaban yoo ta'u, isaanis ... harki wayyaa isaanii dheeraa, wandaboo dheeraa fi kkf qabu turan, shamarran turan. Umuriin isaanii, akka tilmaama kootti, gara waggaa digdamaa ti.

Amma, Macaafni Qulqulluu kunoo banamee na dura jira. Waanan arge qofan dubbachuu danda'a. Yoo, "Gara maalii ilaalaa jirta?"naan jettan. Gara sa'aatiin (clock) ilaalaa jira. "Maal barbaadaa jirtaa?" Naman barbaadaa jira ... naman ilaalaa jira. "Gara maalii ilaalaa jirtaa?" Gara Macaafa Qulqulluun ilaalaa jira. Innis waan.... Waan dhugaan dubbachaa jira; innis wantan argudha. Waanan arge qofan dubbachuu danda'a. Ani maal akka ta'e guutummaatti ... guutummaatti waa'ee isaa hin beeku,an isinitti himuu duwwaa dha.

108 Garuu yeroo misirroon kun ... isheen sirriitti gara (isa anatti haasa'aa jiruu ilaalti turte, ani immoo ... waliinan dhaabachaa ture.) Ija ishee.... Isheen namootan hanga har'aatti jireenya koo keessatti arge hundumaa caalaa qulqulluu, miidhagduu simbo qabeettii fakkaattu turte. Fuul duraan kan mul'atan nama kudha lama ykn isaa ol ta'u... isaan duubaan kan jiran nama meeqa akka ta'an hin beeku hin, garuu tuuta isaaniitu jira ture. Isheenis qilleensa urgeessaa, ija ishee ol qabattee ilaalaa darbaa jirti turte, utuun ishee ilaaluus dhiftee na dura darbite. Oo, isheen attam bareeddi turte! An gara isheen ilaale. Akkuma isheen darbiteenis, "Amma, ni ilaalla..." jedhe. "Isheen sun misirroon dha. Amma, waldoota ilaalla" naan jedhe. Isaanis ni dhufan. Utuu isaan Ol dhufaa jiraniis isaan nan qalbeeffadhe. Yeroo ol dhufanittis tokkoon tokkoon isaanii wal fakkaatoo, gar malee kan nama jibbiisiisan turan. An jireenya koo keessatti tuuta xuraa'aa akkasii argee hin beeku. Yeroo inni "Kan itti aanu...." jedhetti immoo sagalee wacaa (noise) tokkon dhaga'e. Innis, "Kan itti aanu" jedhee, "Kunoo gareen Ameerikaa dhufaa dhufaa jiru" naan jedhe.

109 Amma, ani nama lammii Ameerikaa ti, garuu kun akka malee na dhukkubse. Ani hirmaattota walmakaa akka keessanii keessatti waan ta'aa ture dubbachuuf nama akka hundumaaf ta'utti dubbii mi'eessee dubbatu miti; isinis toora tooraan dubbisuutu isin irra jira. Garuu dubartoonni sun yommuu dhufanitti dura buutuun isaanii tochituu ykn falfaltuu (witch)ture. Isheen funyaan guddaa dheeraa fi afaan guddaa bal'aa qabdi turte. Hundi isaaniis waan akka uffata uffata jalatti uffatan (lower clothes) wayii as gaditti uffataniiru, garuu gubbaan isaanii teepha tokko kan…xiqqoo tokko, teepha inchii walkkaa ta'u kan akkasitti isaantti marsu qabu turan. Tokkoon tokkoon dubartoota sanaa toora tooraan waan ta'e tokko qabu turan. Baay'een keessan, waggootaan dura itti fayyadamaa.... Yeroo waraqaa sana, gaaexaa irraa kukkunnee waan balali'u wayii hojjechaa turre ni beektu, hin yaadatttanii?

Mee Nama meeqatu yaadata? Ni beektu. Maaliif, agarsiisa aadaa (carnival) keessatti itti fayyadamu jedheen yaada, ni beektu. Waraqaa murmurametu, waraqaa qaqqaliifatu akka kanatti isaanitti gadi rarra'a ture. Of jallli isaanii akka hin mul'annetti waa of dura qabu turan, of jala isaanii dura waa qabu turan. Qaamni isaanii gari kun guutummaatti qullaa ture. Tokkoon tokkoon isaaniis rifeensa gabaabsamee murame, rifeensa waan akka firiizii fakkaatuu, rifeensa akka malee gabaabaa fi meekaappiidhaan kan ofa faalan turan. Guutummaatti sagaagaltoota daandii irraa malee wanti isaan fakkaatan tokko illee hin jiru. Waraqaa kana qabatanii deemaa turan. Akkasumas, yaa dubbii xuraa'aa isaanii isaan keessaa ba'uu! Amma, waraqaan sun waan isaan fuuldura isaaniitti qabatanii turan ture; garuu yeroo isaan waltajjii agarsiisaa dura darban, duuba isaaniitiin.... Akkasumas akkaataa isaan itti qaama isaanii isa gara duraa fi isa gara duubaa agarsiisaa itti deeman, akkasumas akkaataa isaan godhatan yeroon ilaalu, "Sanaa waldaan?"jedheen gaafdhe.

110 Achittis isheen in deemte. Isaanis gosa dhiichisa 'roll' jedhamuu, ni beekktu, isaan of dhodhommksaa gadi bu'anii ... akksitti sirmaa adeemu.... Anis, "Sun waldaadhaa?"jedheen gaafadhe. Anis achi dhaabadheen ture. Anis garaa koo keessatti boo'aan ture. Akkasumas falfaltuun ykn tochituun kun, akka yaada kootti biyya lafaa kana irratti waan biraa miti, garuu isheen Mana Maree Waldoota Addunyaa kan kallattiidhaan gara isheen deemtutti isaan geggeessitudha. Isaan gaara bitaatti goranii jeequmsa keessa badan, ammallee muuziqaa ana rukutaa sagalee dhugaatti nama kofalchiisu sana dhageessisaa, qaama isaanii gamaa gamanatti raasaa, akkas godhachaa, akkasis godhachuu ittuma fufanii adeemu turan.

111 Anis achumaan mataa koo gadi qabachuu jalqabnaan inni immoo, "Eegi, misirroon deebitee dhufuu waan qabduuf" naan jedhe. Anis yommuun ilaalu, kunoo ammas dhufaa jiru. Isaanis, dubartoota babbareedoo mi'aawaa fakkaatanii dhufanii darban. Hundi isaanii osoo darbaa jiranii sirriitti na ilaalaa turan. Tokkoon tokkoon isaanii uffata adda addaa akka uffatan hubadheera. Isaan keessaaTokko immoo karaa duubaatiin rifeensa dheeraa akkasitti gadi fannifamee marame, tarii kan warra Jarmanii ykn waan akkasii ta'uu danda'u.... Anis isaan nan ilaale. Achiis, akkuma deemuu jalqabaniin isaan keessaa namni

lama ykn sadii duubaan jiran toora keessaa ba'uu jalqaban. Anis isaanitti iyyuufan ture, isaanis ammas toora keessatti deebi'uuf yaalaa turan. Akkuman isaan argeen ... mul'anni sun ija koo duraa sokkee na duraa jijjiirame.

112 Amma, hiikni isaa kunooti: Sababni ... amma yaadadhaa. Ani waa'ee kanaa barreessuu jalqabeen ture —garuu hin xumurre, waa'ee yaadannoowwan kanaa hanga ammaatti hin barreessine. Garuu lallaba ganama kana keessatti, lallaba koo keessatti wanta sirrii ta'e tokko qabadheera. Waldaan qophaa ishee agarsiisaaf dhi'aatte hubattaniittuu.... Amma, firoota koo, sun dhugaa dha. Abbaan Inni waqa irraa inni Sagalicha barreessu dhugaa akkan dubbadhu ni beeka. Argitanii? Ani nan beeka—dhugaa qofan dubbadha. Akkasumas hanga daqiiqaa muraasa darban duraatti, ykn hanga yeroo dhiyootti waa'ee isaa hin beekun ture kanas.... Agitanii? Misirrottiin yeroo lama agariisaaf akka dhi'aatte hubattabii? Sanyii jalqabaa fi sanyii lammaffaati, lamaan isaanii iyyuu dhibbaa dhibbatti waluma fakkaatu. Sababni isaan uffata garaa garaa uffataniif immoo isheen biyyoota hundumaa irraa dhufti waan ta'eefi, innis misirrottii bakka kan bu'udha. Tokkoon tokkoon isaanii rifeensa dhedheeraa kan qabanii fi meekaappii kan hin dibanne turan, isaan dhugaatti shamarran babbareedoo turan. Isaanis na ilaalaa turan. Sunis misirrottiin saba ykn biyya hundumaa keessaa ba'aa jiraachuu ishee argisiisa ture. Argitanii? Isaan akkuma Sagalichaa wajjin toora galanii deemaa jiranitti, tokkoon tokkoon isaaniisaba ykn biyya tokko bakka bu'u, ilalaa.

113 Sana boodas ani ishee ilaaluu ilaaluun qaba. Yeroo isheen darbaa jirtutti yoon ishee ilaaluu dhaabaadhe isheen sarara keessaa baati. Tarii inni yeroon koo yommuu xumuramutti ta'a,ilaalaa, tarii boqodhutti ta'a, ykn waanuma fedhes ta'uu danda'a.

Akeekkadhaa! Isaann sarararratti deebi'uuf hamma humna isaanii yaalaa turan. Isaan iddootti deebi'aa turan; isaan gara tooraatti deebi'aa turan, sababiin isaas isaan iddoo biraa ilaalaa turan, waa'ee waldaa jeequmsa (chaos) keessa seente sanaa utuu ilaalanii toora isaanii gadi dhiisanii turan. Garuu lama.... Warri fuulduraa gonkumaa toora irraa hin kaanne. Warri gara duubaa—nama lama ykn sadii qofatu yeroo darbanii deemaa turanitti akka waan toora irraa xiqqoo gara mirgaatti ba'anii, garuu immoo waan sarara irratti deebi'uuf yaalaa jiran fakkaatu turan. Isaan na bira darbaa turan, Oo, fageenya hanguma keenyan kanaa narraa fagaatanii, na bira darbaa turan. Anis achi dhaabadheen ture. Achiis hundi isaanii akkuma jiranitti ba'anii utuu deemanii nan arge.

Garuu isin hubadhaa, waldaan yeroo tokko qofa agasiifamte, tokkoon tokkoon sabaa ykn biyyaa bakka buuti waldaan. Misirrottiin garuu yeroo lama ol seente, ilaalaa. Inni maal akka ture Argitanii? Amma, mee osoo isa hin barin, ergaa koo ganama kana wajjin wal bira qabaatii ilaalaa. Utuu isa hin barin dura, ilaalaa.

114 Sanyiin Niiqiyaatti biyyoo keessatti awwaalame. Sun Sanyii jalqabaa ture. Isheenis adeemsa waldoota amantii kanaa warra al tokko qofa jiraatanii keessa baatee dhufte. Misirrottiin garuu guyyoota gara dhumaatti ammas deebitee dhufti: "Ani iddootti nan deebisa," ilaalaa. Hojiin ogummaa guddaa dhalatee in guddata. Kanaafidha sababni isheen agariisa keessa turte ... sababiin isheen yeroo lammataaf agariisaaf dhi'aatteef. Isheen yeroo jalqabaaf ilaalamtee gamaaggamamtee, achiis yeroo lammataafis ilaalamtee gamaaggamamte. Isheen immoo akkuma yeroo jalqabaatti yeroo lammaffaattis guutuu, mudaa kan hin qabne taatee jirti. Oo,yaa Waaqayyo araara! Ariifadhu, ariifadhu, ariifadhu! Yaa jireenyaa, yaa lubbu dafii ija midhaanichaa keessa seeni!

115 Warri kaan hundinuu sana booda gonkumaa hin mul'anne. Isaan lammata akka hin deebinetti deeman. Garuu misirroon deebitee dhufte, sababiin isaas isheen Alfaa fi Omegaa waan taateef. Waaqayyo, ogeessi bobbocaa guddaan, inni hojii ogummaa guddaa isaa isa jalqabaa waan ta'eef, hojii ogummaa guddaa Isa godheera. Akkuma isa Inni iddoo dhaabaa Eden keessatti qaama tokko irraa waa fuudhee qaama biraa uumee ti, sun immoo mudaa godhatee kufe; Yeroo kana hundaatti immoo Inni ammas deebisee isa ijaaraa jira. Innis hojii ogummaa guddaa kana fide, innis akeekaaf rukutame—kutaan qaamaa rukutame sun hojii ogummaa guddaa sana deebisee fiduuf ture.

Kanaafuu hojiin ogummaa guddaa fi Ilmi Waaqayyoo—hojii n ogummaa guddaa fi misirroon.... Innis kutaa qama Isaati, kunis raawwii Sagalichaa ta'uu qaba. Dubbiin Waaqayyoo raawwatameera, nutis dhufaatii Gooftaaf qophoofneerra.

116 Yaa waldaa Waaqayyoo isa jiraataa, yaada garaa keessanii fi ofii keessan Waaqayyo duratti gadi qabaa! Wantoonni kun dhugaadha. Akka wanti guddaan akkasii ta'ee, biyya irratti babal'atee akka dhaga'amutti akka namatti beekamu nan beeka; akka ta'ee garuu gonkumaa hin turre. Inni karaa isaa hin jijjiiru.

Waldaa nana, Isa galateeffadhaa, yoo Kiristoosiin keessa jiraattan iddoo har'a jirtan waan jiraattaniif galateeffadhaa. Sababni isaas ilaalaa, amma ...yeroo sun.... Yaadadhaa, jireenyi ykn lubbuun sun hundinuu du'aa ka'uudhaaf gara midhaaichaatti deebi'anii isa keessatti walitti qabamu, cidiin gubachuu qaba, kan hafe hunduu gubachuu qaba. Qolli sanyii fi isaan kaan hunduu balleefamuu qabu, ni ta'as. Manneen amantii hin amanatinaa. Dubbii Waaqayyoo, jireenyicha , Waaqayyoo fi hojii isaa isa guddaa

keessa jiraadhaa.

Sana booda, mileniyeemii keessa maaltu ta'a? Kiristoosii fi misirroon Isaa, iddoo dhaabaa biqltuu bara kumaa keessa deebi'anii in jiraatu. Ameen!

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha,

Inni dursee waan na jaalateef,

Fayyina koos waan naaf biteef

Muka Qaraaniyoo irratti irratti.

117 Bakki Inni itti rukutame achi jira. Nuyi akka waan Waaqayyo dha'icha isatti fidee, akka waan inni isa rukutee gadi isa deebiseettis in lakkoofne. Inni garuu balleessaa keenyaaf in waraaname, sababii t=yakka keenyaafis reebamee in caccabsame.

Ganama kana namni midhaan sana keessa hin jirre, namni ganama kana isa keessa hin seenne as jiraa? Akkasumas akkuma lubbuun amma qola isa dhumaa qola sanyichaa irraa harkisaa jirutti, qolli sanyii sun gogaa waan jiruuf.... Waldaan warra Pheenxeqoosxee akka gogaa jiru mee nama meeqatu beeka? Inni maali? Jireenyatu gad ishee dhiisee deemaa jira. Ifatti yoo dubbanne, inni ishee dhiisee deemeera. Akkasumas misirroon sun duraan dursitee agarsiisaaf erga dhi'aattee, misirroon sun yeroo sanatti duraanuu hin qophoofne yoo ta'e na dhiba.

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha,

Inni dursee waan na jaalateef,

Fayyina koos waan naaf biteef

Muka Qaraaniyoo irratti.

118 Amma akkuma mataa keenya gadi qabannetti jirra. Namni kadhata kana keessatti yaadatamuu barbaaddan as jirtuu? Yoo akkas akka hin taane isinitti dhaga'ame.... Firoota koo, kun garmalee ifaadha. Wanti ta'u tokko yoo jiraate malee an takkaa mul'ata argee hin beeku, yoo sana hordofee wanti tokko ta'e malee. Dhugaan dubbadha. Yeroo kanaan duraa hundumaatti dhugaa an dubbadhe Waaqayyo mirkaneessee jira,yeroo kanattis dhugaa nan dubbadha.

Guyyaa kam keessa akka jiraachaa jirru hin beeku, garuu wanti hafe akka hin jirre nan beeka. Ka'umsi nama siyaasaa waan kana qajeelchuu danda'u jiraachuu hin danda'u ture. Siyaasni, biyyi badeera. Yaa Waaqayyo! Sun akka Isinitti dhaga'amuuf gadi fageenyaan gadi of qabuu dandeessuu laata. Sabni sun badeera—saba osoo hin taane, saboota. Kun tuuta jiran keessaa isa hunda caaludha, innis badeera. Erga saboonni badanii addunyaanis ni baddi. Manneen amantaa hoo? Akka yaada kiyyaatti, warri Pheenxeqoosxee isaan hunda ni caalu turan; garuu amma badaniiru. Yaa Waaqayyo nuuf araarami!

119 Yoo Isa hin beekne ta'e ariifadhaa, ariifadhaa! Yoo jiraachuun sitti dhaga'ame, keessaa ba'i—cubbuu kee keessaa ba'i, waan keessa jirtu keessaa ba'i, dafii gara midhaan sanaatti ba'i. Gidii keessatti ykn qola sanyii keessatti duuta. Kadhadhaa, osooma faarfannuu.

Isa nan jaalladha,..............

Amma dhimma mataa keessanii ti. Nuti waldaa amantii hin qabnu, homaa hin qabnu; nuti Kiristoos qofa qabna. Nu waliin waaqeffachuuf baga nagaan dhuftan—hanga Inni dhufutti nu waliin waaqeffachuuf baga nagaan dhuftan. Maqaa keessan galmee irratti barreessuu hin dandeenyu; nuyi galmee hin qabnu. Maqaa keesssan kitaaba jireenyaa keessatti barbaanna. Sana gochuu kan dandeessan karaa dhalootaa qofa. Yeroo ammaa kana hin gootanii? Jireenya haaraa akka argattaniif Kiristoosiin kadhadhaa, Isa keessa of galchaa, yoo isa keessa hin jirtan ta'e maqaa keessan kitaaba isaa irratti of caafsisaa. Sana booda nu waliin fellowship gochuu dandeessu. Osoo isin qabaannee baay'ee jaallanna.

Isa jaalladha,.............

120 Waaqayyo jaallatamaa, tokkoon tokkoon namoota kanaa amma waan haaraa akka argataniif isaan gargaari, Isa keessa jiraachuu keenya ilaali. Ati nu jaallatte. Ati nuuf jettee reebamte. Nuyi immoo akka waa Waaqayyo dha'icha sitti fidee, akka waan Inni dhiphina sitti fideetti lakkoofne. Tokkoon tokkoon isaanii akka waamtuuf Waaqayyo sin kadhadha. Gooftaa ijoollee koo, warran jaalladhuu fi firoota kootti dubbadhu. Yaa Gooftaa, ammuma kana, karaa maqaa Yesuus Kiristoosiin isaaniif raawwadhu.

Namni kamiyyuu yeroo dheeraa hin eegin Gooftaa. Wanti suukaneessaan waan as dhi'aate fakkaata. Dhugumaan midhaan bilchaateera. Guyyoota kana keessaa gaaf tokko calleessituun Waaqayyoo inni guddaan biyyattii keessatti ni bobba'a; cidiin karaa hundumaa ni bittinaa'u; qamadiin garuu jireenyi isa keessa waan jiruuf gara gombisaatti in sassaabama, ol ni fudhatama. Yaa Gooftaa, tokkoon tokkoon

gaaffii deebii akka argatuuf, tokkoon tokkoon kadhannaa Si duratti akka mul'atu godhi.

Isaanif Sin kadhadha yaa Gooftaa. Namni as jiru tokkollee akka hin badne Sin kadhadha Gooftaa. Isaa rakkina jalaa.... Isaan maayilii dhibbaan lakkaa'amu konkolaataa oofanii dhufan. Waan nu barbaachisu hundumaas nuuf kenni Gooftaa, waan nuuf tolu hundumaas nuuf keeni Gooftaa. Waan ija keenya duratti gaarii ta'e osoo hin taane, waan ija kee duratti gaarii ta'e nuuf godhi. Cubbuu keenya irraa akka qulqulloofnuutti akka durba qulqulluu kaadhimatamteetti, Waaqayyoon kan ifatamatee karaatti deebite taanee dhaabbachuu barbaanna.

Kadhannaa isaanii Si duratti nan dhiheessa yaa Gooftaa.

121 Akkamitti akkan kadhadhu hin beeku. Waaqayyo isa jabaa wajjin haasa'aa jirra, ilmi namaa, namni du'u attamitti fuula Waaqayyo isa jiraataa duratti kadhannaa isa sirrii ta'e kadhachuu danda'a? Garuu, yaa Gooftaa, jechoota koo dogoggoraan dubbatamanii fi maqaawwanii fi bamaqawwan ani bakka hin malletti, Ati guyyaa tokko ABC mucaa xiqqaa tokkoof sirreessitee hima tokko uumuufii erga dandeessee, dogoggora maqaa fi bamaqoota kootii dhiistee waanan amanu qofa ilaaluu dandeessa, yaa Gooftaa. Ani Si nan amana. Ani Sagalee kana nan amana. Tokkoon tokkoon namoota as jiraniifis immoo nan amana. Yaa Gooftaa, ani immoo amantiidhaan gara iddoo aarsaa sanaatti, bakka nu fi Yihowaa guddaa gidduu dhiigni Ilma Isaa Yesus jiruutti isaan fidaan jira. Dhiigichis nuuf in dubbata. Ati yeroo Qaraaniyoo irratti Isa rukuttu, “Dubbadhu! Isa dhaga'aa!” jette. Macaafni Qulqulluun akka jedhetti, dhiigichi, dhiiga hoolaa isa kakuu moofaa keessatti dhagalaafamuu caalaa waan guddaa dubbata; sababni isaas dhiigni Kiristoos dhiiga Abeel caalaa, waan guddaa dubbata. Yaa Gooftaa, akkuma nuyi karaa dhiigichaa si waamnutti nu furuu kee nuuf dubbadhu.

122 Abbaa jireenyaa guddaa, jireenyichatti nu dabali Gooftaa. Yoo cubbuu hojjenne ta'e cubbicha nurraa buusi. Yaa Gooftaa akkaataa sanaan itti fufuu hin barbaannu. Inni kaayyoo keenya miti. Karaa dukkanaa suukaneessaa akkasii keessa akka jiraanaachaa jirru ni hubanna. Akkuma jalqaba irratti jenne gaara tokko ol ba'aa jirra, iddoo jajal'aa keessa deemaa jirra; karaan ificharra baasa; garuu ibsicha kuufachaa jirra. Amma akkuma tarkaanfii tarkaanfiidhaan deemnutti, hamma wal arginutti, akkuma adeemsa iddoo qulqullaatti wal arguuf deemamuutti (pilgrims's Progress), hanga xumura irratti fiixee tulluu sanaa qabannuutti suutuma suuta itti haa deemnu. Oo, yaa tiksee karaa nuttu agarsiisii nu qajeelchi. Yaa Yihowaa guddaa hafuura keetiin nu geggeessi.

Akkasumas hojii ogummaa guddaa tokko (a masterpiece) irraa akka fagoo jirru ni beekna, garuu gara iddoo irraa foxxoqnee, gara hojii ogummaa guddaa isa dhugaa, gara Isa amanannuu ilaalaa jirra. Yaa Gooftaa gara Isaatti qofa nu geessi. Yaa Gooftaa, kan hundumaa nuuf raawwadhu.

123 Yaa Gooftaa, namoota dhukkubsatanii as jiran hundumaa fayyisi. Nuyi akka waan dha'ichii fi dhiphanni itti dhufeetti Isa lakkoofne. Inni garuu irra daddarbaa keenyaaf madaa'e. Hojiin ogummaa Waaqayyoo inni guddaan reebamee caccabsame. Inni sababii yakka keenyaaf madaa'e; dirmammuu madaa isaatiinis fayyinni nuuf in argame. Yaa Gooftaa, argamuu waaqummaa (divine presence) keetiin amma asitti argamii kan dhukkubsate fayyisi, Ati as akka jirtus in beekna'oo.

Lubbuu keenya, garaa keenya hamaa hundumaa irraa, yaada badaa hundumaa irraa, qunnamtii hamaa hundumaa irraa, waan dogoggora ta'e hundumaa irraa qulqulleessi. Nu qulqulleessi. Akkasumas yaa Abbaa, dhukkuba keenya irraa akka nu fayyiftu, ijoollee kee warra qulqullaa'an ta'uun keenya utuu nutti dhaga'amuu asii haa baanu jennee Si kadhanna. Dhiigicha isa nurra jiruun, karaa dhiigichaa,karaa Sagalichaa in dubbanna. Nuu dhaga'i, yaa Gooftaa. Maqaa Yesuus Kiristoosiin Si kadhannaa. Ameen.

124 Yaa Waaqayyo Abbaa, huccuuwwan dafqaa kanneenis,yaa Gooftaa, dibata asitti argamuu Keetiitiin isaan dibi. Iddoo isaan deeman hundumaatti argamuun kee isaanii wajjin haa ta'u. Wanti isaan irra kaa'aman kamiyyuu, qaama dhukkubsataan isaan irra kaa'aman kamiyyuu, haa fayyan. Yaa Gooftaa, yaa ogeess bobbocaa guddaa, waanuma fedhes haa ta'u, bakka ta'e tokkotti manni diigame yoo jiraate, isa ijaari. Isa kana raawwadhu, yaa Gooftaa.

Nu sukkuumii (mold) ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo nu godhi. Misirrottiin haxaa'amtee (polish) qulqullooftee boca isa dhumaa argachaa jirti jennee amanna. Walumaagalatti isheen guutummaatti raawwattee jaarmiyaa dha'amatee in baati, sana booda midhaan sassaabduu guddichi as ni ga'a. Hanga sanatti yaa Gooftaa , akka si tajaajilanitti fayyaa fi gamachuu isaaniif kenni. Maqaa Yesusiin. Ameen.

Ani Isa nan jaalladha, ani ... (Isin

Dhugaatti Isa ni jaallattuu?)

Inni dursee waan na jaalateef,

Fayyina koos naaf bite

Muka Qaraaniyoo irratti.

125 Amma maaliif akkan si arrabsu hubattaniittuu? Sababni isaas waanan isin jaalladhuuf miti—dhiifama, waanan isin hin jaallanneef miti; Ani isinan jaalladha. Ani gooftaadhaaf (the master) hojii ogummaa harkaa guddaa ( a masterpiece) tokkon barbaada. Tarii muraasa warra kan keenyaa akka kanatti cicciruutu narra jira ture, garuu Dubbii Waaqayyoo kanarra dhaabbachuu yoon itti fufe, guyyoota kana keessaa gaaf tokko tokko hojii ogummaa guddaa tokko nan qabaadha. Sun Sirriidha.

Amma, Yesus, “Jaalala yoo waliif qabaattan, kanaan namoonni hundinuu akka isin bartoota koo taatan in beeku” jedheera. Kanaafuu, nuyi akkasitti walii walii keenyaaf jaalala qabaachuu....

Hidhaan walitti hidhu haa eebbifamu

Inni garaa keenya jaalala kiristaaaatti hidhu;

Wal ga'iin yaada garraamummaa

Akka kan isa olii ti.

Mee harka walii walii keenyaa haa qabannu.

Yeroo gargar facaanu,

Keessi keenya nu dhukkuba;

Garuu amma iyyuu garaa keenyaan walii wajjin jirra,

Ammas wal arguuf abdii qabna.

Maqaa Yesuus of duukaa fudhadhuu,

Yaa mucaa gaddituu yaa isa boossuu;

Inni gammachuu fi jajjabina siif kennaa,

Iddoo deemtu hundatti isa qabdhu.

Maqaa qaalii, yaa mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu samii;

Maqaa qaalii, yaa mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu samii.

Amma imala keessan keessatti yaadadhaa:

Maqaa Yesuus of duukaa fudhadhuu,

Waan hundumaa irratti akka gaachanaatti;

Yeroo qorumsi si marsee

(yeroo sanatti maal goota?) wal ga'utti,

Kadhannaa keessatti maqaa qulqulluu sana hafuura baafadhu.

Maqaa qaalii, yaa mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu samii;

Maqaa qaalii, yaa mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu samii.

Hanga wal arginutti, (Mee mataa keenya gadi haa qabannu.)

hanga wal arginutti,

(Oo, an faarfachuu nan jaalladha!)

Hanga miila Yesus jalatti wal arginutti;

Hanga wal arginutti, hanga wal arginutti,

Hanga wal arginutti Waaqayyo isinii wajjin haa ta'u.

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7